In partnership with Canada

PLAN INTERNATIONAL
Until we are all equal

QOPHII KAROORA TARSIIMO'AA



Pilaan Intarnaashinaal Itiyoophiyaa
Deggersa maallaqaa Gloobaal Afeyiris Kaanaadaa (GAC) irraa argameen piroojektii Sagalee fi Geggeesummaa Dubartootaatiin kan Qophaa'ee
Amajjii, 2016 A.L.I
Finfinnee, Itiyoophiyaa

QOPHII KAROORA TARSIIMO'AA

Pilaan Intarnaashinaal Itiyoophiyaa

Deggersa maallaqaa Gloobaal Afeyiris Kaanaadaa (GAC) irraa argameen piroojektii Sagalee fi Geggeesummaa Dubartootaatiin kan Qophaa'ee

Amajjii, 2016 A.L.I

Finfinnee, Itiyoophiyaa

Qopheessitoota Waliinii

Pilaan Internaashinaal Itoophiyaa, Garee Bulchiinsa Pirojektii WVL

Pilaan Internaashinaal Kaanaadaa /CNO/ fi

Leenjistootaafi Barsiisota Ijoo (LBI)

Raahel Geetinat (Dha) – Dursituu Garee

Dammallaash Adimaasuu (Dhi) – I/A/ Dursaa Garee

Mulugeeta Gizaw (Dhi) - Barreessa Garee

Ingidaaworqi Taaddasa (Dha) – Miseensa

Joon Girmaa (Dhi) – Miseensa

Gorsaan

Immabeet Raggaasaa (Dha)– Gorsituu Garee Daarektara Dhimma Koorniyaa (SIDA)

Gulaalaafi Hiikaa - Paangoo Dhaabbata Gorsaa

Graphic Design Agegnehu Alene

Galata

Pilaan Intarnaashinaal Itoophiyaan miseensota garee Qophii Karoora Tarsiimo'aa fi garee hoggansaa piroojektii Sagalee fi hoggansa Dubartootaa Itoophiyaa akkasumas garee Pilaan Intarnaashinaal Kanaadaa tumsa qophii moojulii Ijaarsa Dandeettii kanaa keessatti taasisaniif galataa fi dinqisiifannaa ibsuu barbaada, dabalataanisgalatni addaa Giloobal Afeer Kanaadaaqophii moojulii kanaatiif gumaacha maallaqaa taasiseef.Kana malees, adeemsa kana keessatti deeggarsa ogummaa fi hoggansa kennuu keessatti gumaachi Pilaan Intarnaashinaal Kanaadaa fi PMTn taasisan dinqisiifannaa guddaa qaba.

Dinqisiifannaa fi galatni oneerraa madde miseensota garee Qophii Karoora Tarsiimo'aa armaan olitti fuula haguugduu keessoo moojulii kanaa irratti tarreeffamaniif, hojii cimaa yeroo kenname keessatti hojii qophii Moojulichaa galmaan gahuuf hojjataniif.

BAAFATA

Galata 1
Gabaajewwan 4
I Barbaachisummaa Moojulichaa 5
II Kaayyoo Moojulichaa 5
III Moojulicha Eenyutu Itti Fayyadama? 5
BOQQONNAA 1. HAALDUREE LEENJII MIJEESSUU 6
1.1 Simannaa fi Walbaruu 6
1.2 Eggannoo (Expectation) Hirmaattotaa 7
1.3 Seera/Naamusa Bu'uuraa Kaa'uu 7
BOQQONNAA 2:- YAAD-RIMEE BU'UURAA KAROORA TARSIIMO'AA 9
2.1 Karoora Tarsiimo'aa Jechuun Maalidha? 9
2.2 Barbaachisummaa fi Faayidaa Karoora Tarsiimo'aa 10
2.3 Haal-Dureewwan Karoora Tarsiimo'aa 10
2.4 Yeroo Karoora Tarsiimo'aa 11
BOQQONNAA 3: QOPHII KAROORA TARSIIMO'AA FI HOGGANSA ADEEMSASA 13
Qophii Karooratiif Karoorfachuu 13
Haala Waliigalaa Adeemsa Karoora Tarsiimo'aa 13
Garee Qophii Karoora Tarsiimo'aa Hundeessuu 15
Seenduubee (Back ground) Dhaabbataa Qopheessuu 16
Muldhata, Ergama, Duudhaalee fi Xiinxala Daangaa 17
I GALMA KAA'UU 19
II AKKAATAA XIINXALA QOODA FUDHATTOOTAA 20
Xiinxala Qooda Fudhattootaa 20
Xiinxala Ciminaa, dhadabinaa, carraa fi hudhaalee (SWOT) 22
Haala Alaa Qorachuu ykn Xiinxaluu 24
Haala Keessoo Xiinxaluu 25
IV DHIMMOOTAMURTEESSO FI XIYYEEFFANOO SEEKTARA HUNDAA 26
Dhimmoota Murteessoo/Tarsiimoo Adda Baasuu 26
Tarsiimoo/Tooftaalee Filataman madaaluu 31
Karoora Tarsiimo'aa Keessatti Koorniya Idileessuu 32
Karoora Tarsiimo'aa Keessatti Eegumsa Daa'immanii Idileessuu 33
Karoora Tarsiimo'aa Keessatti Dhimma Naannoo Idileessuu 33
Karoora Tarsiimo'aa Keessatti Dhimma Miidhama Qaamaa Idileessuu 34
Karoora Tarsiimo'aa Bocuu 35

Qajeeltoowwan Karoora Tarsiimo'aa Bocuu 36
Karoora raawwii qopheessuu (PreparingImplementationPlan)..... 36
Akkamitti Karoora hojiitti jijjiirra? 36
V QABEENYAKAROORSUU(RESOURCEPLANNING)..... 37
Barbaachisummaa qabeenya Karoorsuu..... 37
VI Hordoffii, gamaaggamaafi Hoggansa Sodaa
(Monitoring, Evaluation and Risk Management)..... 39
Hoggansa Sodaalee (Risk Management)..... 39
BOQONNAA 4.KAROORA WAGGAA QOPHEESSUU 41
BOQONNAA 5 RAAWWII KAROORA WAGGAA SAFARUU..... 43
5.1 RAAWWII KAROORA WAGGAA SAFARUU 43
Maxxannee (Dabalata) I: Gaafannoo Xiinxala feedhii Karoora Tarsiimo'aadhaaf
(Questionnaire for StrategicPlanningNeeds Assessment)..... 45
MaxxanneeII: Gaafilee Leenjii duraa fi booda leenjiitoota dhuunfaatiin guuttamu..... 46
Maxxannee III: Hiika Galmoota Kan murtaa'e,kan safaramu,kan bira ga'amu,
dhugoomu fi yeroon kan daanga'e (SMART)..... 48
Maxxannee IV: Moodeelii Jijjiirama Korniyaa Misooma Dhaabbilee
(Gender Transformative Model of Organizational Development (GTMOD)..... 49
Maxxannee V: Qooda Fuudhatoota adda baasuu (Stakeholders mapping)..... 51
Maxxannee/Dabalata VI – Tartiiba Gabateewwanii 52
MaxxanneeVII– Tarree Fakkiiwwan 53
Wabiilee (References) 54

Gabaajewwan

Gabaajeewwan/Acronyms

CSO	CivilSocietyOrganization (Dhaabbilee Siivilii Hawaasaa)
CTC	CoreTrainersandCoaches (Leenjistootaa fi Gorsitoota Ijoo)
ECOSOC	EconomicandSocialCouncil (Mana mare diinagdee fi hawaasummaa)
FIT	FlexibilityInclusivenessandTeambuilding (Jijjiiramaa, hunda hammataa (Inclusiveness), fi ijaarsa garee
HR	HumanResources (Humna Namaa)
KRA	KeyResultArea(Naannoo bu'aa ijoo)
LCD	LiquidCrystalDisplay(Agarsiistuu Kiristaalaa Dhangala'oo)
M&E	MonitoringandEvaluation(Hordoffii fi gamaaggama)
NB	Note to be Remebred (Xiyyeefannoo)
NGO	Non-GovernmentalOrganization(Dhaabbilee Miti Mootummaa)
OD	OrganizationalDevelopment(Misooma/Dagaagina Dhaabbilee)
ODD	OppositionalDefiantDisorder
PESTEL	Political,Economic,Social,Technological,Environmental,&Legal(Siyaasa, diinagdee, hawaasummaa, teeknooloojii, naanno fi seera)
PIC	PlanInternationalC a n a d a
PIE	Plan International Ethiopia
SMART	Specific,Measurable,Attainable,Relevant,andTime-bounded (kan murtaa'e, kan safaramu, kan dhaqqabamu, kan dhugoomu fi yeroon kan daangeffame)
SP	StrategicPlan(Karoora Tarsiimo'aa)
SPT	Strategic Planning Team(Garee qophii karoora tarsiimo'aa)
SWOT	Strengths,Weaknesses,Opportunities,andThreats**(Ciminoota, Dadhabina, carraalee fi hudhaalee)**
TIP	ToInsurePromptness(Saffisa mirkaneessuuf)
ToT	TrainingofTrainer(Leenjii leenjistootaa)
UK	UnitedKingdom
UN	UnitedNations(Mootummoota gamtooman)
WO	Women's Organization(Dhaabbata dubartootaa)
WRO	Women's Rights Organization(Dhaabbata mirga dubartootaa)

I. Barbaachisummaa Moojulichaa

Barbaachisummaan moojulichaa dhaabbilee Siivilii Hawaasaa, keessattuu Dhaabbilee Dubartootaa karaa adeemsa qophii Karoora Taarsimo'aatiin qajeelchudhaafi. Dabalataanis Moojulichi akka wabii barnootatti, qajeelcha leenjii fi dhaabbilee kanneenif akka maanuwaalitti akka tajaajiluuf kan yaadameedha. Tartiiba qophii Karoora Tarsiimo'aa, Seenduubee waa'ee adeemsa qophii Karoora Tarsiimo'aa ibsu yookin qajeelchufi hojiilee piroojektootaatiif/dhaabbileetiif bu'uura (feramework)tarsiimo'aa ni ibsa. Walitti fufiinsaa fi kallattii hojii kan agarsiisu bu'uura (framework) tarsiimoti.

II. Kaayyoo Moojulichaa

Guddina dhaabbata tokkootiif, karoorri tarsimo'aan wirtuu/handhuura/ hojiilee dhaabatichaan raawwatamanii ta'uu qabaata. Bu'uura tarsimotiin alatti, dhaabbanni tokko galmoota ifa ta'anii fi hojjattoota giddus galmootni akkamitti akka milkaa'uu danda'an hubannoon walfakkaatan hin jiraatu. Moojulli kuni qaamolee qophii karoora tarsimo'aa qopheessuu irratti hirmaatan gidduutti akka bu'uura walitti hidhamiinsatti (frmework for interaction) gargaara. Walumaagalatti, moojulichi kaayyolee waliigalaa armaan gadi qabaata.

- Hojjattootni Dhaabbilee Siivilii Hawaasaa/dhaabbilee dubartootaa/, yeroo karoora tarsimo'aa dhaabbatasaanii qopheessan yookan gamaaggaman/fooyyessanitti akka meeshaa wabiitti akka itti fayydamaniif gargaara.
- Garee laajistootaa fi gorsitootaa ijoo(CTC) dandeettii bu'uuraa fi meeshaalee leenjii sirri kennuu isaan dandeessisu hidhachiisuf/gonfachiisuf.
- Leenjii walitti hidhamiinsaa fi hawwataa ta'e kennuuf.


III. Moojulicha Eenyutu Itti Fayyadama?

Moojulichi dhaabbilee dubartootaa dabalatee dhaabbileen Siivilii hawaasaa karoora tarsiimo'aa sirrii ta'e qopheessuun walqixxummaa koorniyaa fayyadamuun jijjiirama qabatamaa fiduuf cimanii hojjachaa jiran akka itti fayyadamaniif kan yaadameedha. Akkasumas qooda fudhattoota mala sosochii mirga dubartootaa (Feminizm) fayyadamuudhaan walqixxuummaa koorniyaa deeggaruu fi dagaagsudhaaf hojjatamaniin faayidarra akka oolufi.

1 BOQQONNAA

HAALDUREE LEENJII MIJEESSUU

Akka kutaa jalqabaatti boqqonnaan kuni kan jalqabu of walbarumsaaa fi seerota bu'uuraa yeroo leenjichaa hordofamuu qaban qopheessudhaani. Kutaan of beeksisuu, hirmaattota walbarsiisuu, seenduubee isaanii gabaabinaan, akksumas sagantaa leenjichaa irra wanta isaan eega of keessatti hammata. Qaani fi walsodaa hirmaattota gidduudhaa dhabamsiisudhaaf sagantaan walbarumsaa sochii qaamaa bashannansiisoo ta'aniin jalqabuun ni danda'ama. Boqqonnichi qormaata eenjii duraa dhiyeessun xumurama.



Mata Dureewwan Kutaa Kanaa

Mata Duree	Yeroo
Ergaa Baga Nagaan Dhuftanii fi Walbarumsa	Daqiiqaa 30
Hirmaattotni Leenjicha irraa maal akka eegan	Daqiiqaa 25
Seera Bu'uuraa/Safuu Qopheessuu	Daqiiqaa 15
Qormaata/Gaafilee Leenjii Duraa	Daqiiqaa 20

1.1 Simannaa fi Walbaruu

Kaayyoo

- Haala mijeessitootni fi hirmaattotni wal baru.
- Hirmaattotni walbaru.
- Hirmaattotni martinuu of-laatanii hirmaatu.

Gocha 1.1. Hirmaattotni akka of Barsiisaniif kakaasuu

Gorsa Haala Mijeessitootaaf: akkamitti walbaruu akka qabaatan fakkeenya kennuudhaan adeemsicha gaggeessi. Leenjifamtootan yeroo walbartu kan kee akka fakkeenyatti fayyadamuu ni dandeessa. Kunis bakkuma taa'anitti raawwatamuu danda'a, yookan ammoo caalmatti hawwataa fi hirmaattota hunda hirmaachisuun akka danda'amuuf bifa geengotiin dhaabbachuudhaan maqaasaanii, gaheesaanii fi odeeffannoowwan walfakeenya qaban akka ibsan gochuun ni danda'ama. Dabalataanis haala mijeessichi maloota hawwatoo biroo fayyadamuun, fakkeenyaf afaanota naannoo salphaatti of ibsuu danda'aniin bilisaan akka dubbatan jajjabeessuu.

1.2 Eggannoo (Expectation) Hirmaattotaa

Kaayyoo

- Wanta hirmaattotni leenjicha irraa eegan beekuu fi fedhii leenjicha irraa qaban adda baasuf.
- Bakka hirmaattotni fedhii dhuunfaa fi fedhii dhabbatasaanii itti walirraa baran uumudhaaf.
- Mala leenjichaa toora xiyyeeffannoo hirmaattotaa milkeessuu haala itti danda'amuutti madaqsuu.

Tooftaa: Nama Lamaan/Cimdiidhan hojjachuu

Meeshaalee Barbaachisan: Kaardiwwan xixinnoo, Filip Chaartii fi Maarkarii/Qalama

Gocha 1.2

- Hirmaattota cimdii cimdiidhaan adda qoodu fi kaardii tokkoo tokkoo cimdiitif raabsuu.
- Hirmaattotni gaafilee armaan gadi kanneen hiriyaa/miiltoo ilsaanii akka gaafatan qajeelchi.
- Kaardii kennameef irratti deebii hiriyaa/miiltoo isaanii akka barreessan itti himi.

G1. Leenjicha irraa maal eegda?

G2. Fedhii kee yookan kan dhaabbata keetii isa kamtu yoo milkaa'e itti quufinsa qabaatta?

Miseensotni cimdiin hiriyaan isaani leenjicha irraa maal akka eegan fi sababa isaanii hirmaattota guutudhaaf akka ibsan gaafachuu.

- Waantoota hirmaattotni leenjicha irraa eeganii fi sababa isaanii barreeffamaan hunda irraa funaanun dhuma leenjichaa irratti mirkaneessuf filiip chaartii irratti maxxansuun qabachuu.

Gorsa Haala Mijeessitootaaf : Gochi kuni hirmaattotni yaada waljijjiiruu akka jalqabaniif kan fayyadu yoo ta'u, kunis wanta leenjicha irraa eegan gabaasuu qofa osoo hin taane gareedhaan hojjachuu akka jalqaban isaan gargaara. Maaloo, dabalataanis leenjichi hirmaachisaa ta'uu hirmaattotaaf ibsuu fi miseensotni hundi dammaqinaan hirmaachudhaan yaada fi muuxannoo isaanii akka qoodan, gaafilee akka gaafatanii fi yaada nama biroo akka kabajan itti himaa.

1.3 Seera/Naamusa Bu'uuraa Kaa'uu

Kaayyoo: Waliin ta'uudhaan seera/naamusa bu'uuraa qopheessuu fi hordofuu akkasumas yeroo leenjiitti tokkoo tokkoo hirmaattotaa irraa amalli akkamii akka eegamu ifa gochuu.

Tooftaa: Nama Lamaan/Cimdiidhan hojjachuu

Meeshaalee: Waraqaa Chaartii, plaastarii (scotch tape) fi Maarkarii/Qalama

Gocha 1.3

- Hirmaattotni seerotni/naamusootni bu'uuraa isaan gaaridha jedhanii amanan akka tarreessan gaafadhu.
- Seerota/naamusoota barbaachisoo ta'anii sitti muldhatan tokko tokko atis itti dabali.
- Seerota/naamusoota kanneen waraqaa/ Filiip chaarti irratti barreessi.
- Karaa hirmaachisaa ta'een guyyoota leenjii tokkoo tokkoof,
  - Nama yeroo too'atu
  - Nama guduunfaa leenjii guyyichaa dhiyeessu
  - Haala mijeessaa dadammaqsituu (inergizer) filachiisi
- Filipi Chaartii/Waraqaa Seerri/naamusni irratti barraa'e bakka muldhatutti maxxansi.

Fakkeenya Seerota/Namusoota Bu'uuraa

- Yeroo tokkotti namni tokko qofti dubachuu qabaata;

- Namni waa dubbachuu barbaade harka kaasudhaan eeyyamsisuu qaba;
- Wanta namni biroo dubatu dhageeffachuu;
- Yaada nama birootti qoosuu yookan miidhun hin danda'amu;
- Sa'aatii leenjii kabajuu fi yeroo boqqonnaatis yeroon deebi'uu;
- Wal kabajuu;
- Bilbila moobaayilaa saayilanti gochuu;
- Wal-cinaatti haasa'uu dhiisuu;
- Seerota of-eeggannoo kabajuu.

YaadannooHaala Mijeessitootaaf: Seerota bu'uuraa irratti erga waliigalamee, booda haala mijeessan sagantaa leejichaa ibsuu qabaata; guyyoota leenjichaatti yeroo leenjichi itti jalqabu, sa'aatii boqqonnaa, sa'aa laaqanaa, fi yeroo itti ba'amu.

Gaafilee Leenjiin Duraa

Gaaffilee Maxxannee/dabalata II. jalatti kennaman dhuunfadhaan akka hojjataniif raabsi. Bu'aa hirmaattota hundaa bu'aa gaaffilee leenjii boodaa xumura leenjii irratti kennamu waliin madaaluf kaa'i.

2 BOQQONNAA

YAAD-RIMEE BU'URAA KAROORA TARSIIMO'AA

Kutaan moojulichaa inni kuni yaadrimee waliigalaa karoora tarsiimo'aa, karoora tarsiimo'aa jechuun maaljechuu akka ta'e dabalatee, ka'umsa isaa, kaayyoo karoora tarsiimo'aa, haalduree qophii karoora tarsiimo'aa, fi faayidaa karoora tarsiimo'aa dhaabbilee siivilii hawaasatiif/dhaabbilee dubartootaatiif qabu ni ibsa. Kutaa kana keessatti yaad-rimee karoora tarsiimo'aa karaa marii fi muuxannoo wal-jijjiirraa hirmaattota gidduutti taasifamuun hubachiisudhaaf carraaqqin ni taasifama.



Mata-Dureewwan Kutaa Kanaa

Mata Duree	Yeroo
Karoora Tarsiimo'aa jechuun maali?	Daqiiqaa 15
Barbaachisummaa fi Faayida Karoora Tarsiimo'aa	Daqiiqaa 40
Haaldureewwan Karoora Tarsimotiif	Daqiiqaa 20
Yeroo Karoora Tarsimo'aa	Daqiiqaa 60

2.1 Karoora Tarsiimo'aa Jechuun Maalidha?

Kaayyoo: Dhuma kutaa kanaatti hirmaattonni;

- Karoorri tarsiimo'aan maal akka ta'e ni ibsu.
- Adeemsa karoora tarsiimo'aa ni ibsu

Tooftaa: Marii, yaada maddisiisuu (Brainsorming)

Daqiiqaa 15

Gocha 2.1.

- Hirmaattotni karoora tarsiimo'aa jechuun maal akka ta'e akka ibsan gaafadhu.
- Deebii isaanii yaada dabalataa tokko malee filiipchaartii/waraqaa irratti barreessi.

Yaadannoo Haala Mijeessitootaf: Yaadannoo armaan gadii kanneen fayyadamuun qabxiilee ka'an cuunfi/ goolabi:

Hiika.1. Tarsiimon malaa fi karoora waliigalaati. Karoorri tarsiimo'aa hojii guyyaa guyyaa dhaabbataa yookan piroojektii tokkoo oli. Dhaabbannii tokko maal hojjachaa akka jiruu fi garamitti adeemaa akka jiru suuraa agarsiisudha/muldhisuudha. Karoorri tarsiimo'aa dhaabbatichi maal milkeessuu akka barbaadu fi isa galmaan gahuuf akkamitti adeemuu akka qabaatu qulqulleessee agarsiisa.

Hiika 2. Karoorri tarsiimo'aan adeemsa kaayyoo dhaabbatichaa fi kutaalee isaa qopheessuu akkasumas kaayyowwan kanneen bira ga'uuf tarkaanfiwwan filannoo qopheessu fi gamaaggamuu, balaa fi carraa alaa sirnaan gamaaggamuu fi ooditii keessoo ciminaa fi hanqinaalee irratti hundaa'u kana gochuudha.

Hiika 3. Karoorri Tarsimo'aan adeemsa miseensotni qajeelchitootaa/ gaggeessitootaa dhaabbata tokkoo fi qooda fudhattoonni isaa muldhata gara fuula duraa dhaabbatichaa tilmaamudhaan isa galmaan gahuuf hojimaata fi tarkaanfiwwan barbaachisoo ta'an itti qopheessaniidha. Adeemsa dhaabbanni tokko gara fuuladuraa maal akka ta'uu yaadu fi akkamitti akka achi gahu murteessudha. Karoorri tarsiimoo dhaabbata keessaniif fuuldura bayeessa ta'e argachuu fi daandii bayeessa bakka sana geessuf fayyaduudha.

2.2 Barbaachisummaa fi Faayidaa Karoora Tarsiimo'aa

Kaayyoo: Xumura kutaa kanaatti hirmaattotni barbaachisummaa fi faayidaa karoora tarsiimoo qabaachuu irratti ibsa tokko tokko tarreessuu ni danda'u.

Tooftaa: Yaada maddisiisuu (brainstorm), marii garee xixinnaa fi ibsa garee tokko tokkoo irraa.

Meeshaalee: Filiipi Chaartii/waraqaa, Maarkarii, Piroojekatarii, Koompitara/ Laabtooppii.

Daqiiqaa 40

Gocha 2.2

- Hirmaattota garee nama 3 – 4, karoora tarsiimoo qabaachun maaf akka barbaachisu gaafachuu.
- Hojii isaanii hirmaattota waliigalaatiif/ yaa'ichaaf akka dhiyeessan itti himuu/ afeeruu.

Yaadannoo haala mijeessitootaaf: kanneen armaan gadii ibsa barbaachisummaa karoora tarsiimo'aati.

Karoorri Tarsiimo'aa barbaachisaadha. Sababni isaatis;

- Raawwannaa hojii ni fooyyessa
- Gara fuula duraa akka yaadu kakaasu fi kallattii fuula duraa ni addeessa.
- Dhaabbatichi haala jijjiirama naannoo saffisaaf akka qophaa'u isa dandeessisa. (wal-dhabdee/walitti bu'iinsa, balaawwan uumamaa, weerara dhibee addunyaawaa (pandemics) fi kkf)).
- Itti gaafatamummaan qooda fudhattoota ijoo kan dhaabbataa gochuu (institutionalizes) fi akka dabalu taasisuu.
- Rakkoolee ijoo dhaabbatichaa furuu fi dhaabbaticha deebisee daddamaqsuu.
- Ogeeyyii giddutti hojii garee ijaaruu/uumuu.
- Dandeettii jaarmayichaa karaa hirmaachisaa ta'een ijaaruu.
- Aangoo qooduu (deligation) fi kutannoo ni jajjabeessa.
- Bu'aa qabeessummaa/dhiibbaa madaaluf agarsiistota ni qopheessa;
- Xiyyeeffannoon wantoota barbaachisoo ta'aniif taasifama: qabeenyi (yeroon, dandeettii fi maallaqni) hojiiwwan faayidaa hedduu qabaniif sirnaan ramadama.
- Hubannoon haala jijjiirama naannoo bu'uura jijjiirama barbaadamuu ta'uusaa mirkaneessuu.
- Aadaa hojii keessoo xiinxaluu, fi dhiibbaa raawwii hojii dhaabbataa irratti inni qabu madaaluu.
- Ciminaa fi hanqina hubannoo keessa galchuun humna dhaabbataa irratti hubannoo uuma.
- Carraa fi gufuuwwan jiraachuu danda'ana adda baasu fi xiinxaluuu, akkasumas jijjiirama kallattii barbaadamu dhaabbata keessatti fiduu.
- Dhimmoonni tarsiimoo gamaaggama hoggansa olaanootiif akka adda bahan taasisa
- Kaayyowwan caalmatti qabatama qaban kanneen barbaadaman akkasumas dhaqqabamoo ta'an kaa'uu dandeessisu: naannowwan raawwii hoiii gaarii hin qabne adda baafamanii dhabamsiifamu.
- Rakkoolen raawwii akka too'ataman dandeessisuu.
- Dhaabbanni garamitti deemaa akka jiruu fi akkamitti achi akka gahu kaartaa agarsiisudha.

2.3 Haal-Dureewwan Karoora Tarsiimo'aa

Kaayyoo: Xumuura kutaa kanaatti, hirmaattotni haaldureewwan qabeenyaa, gahee hojii (roles) fi dirqama (resposibilities) karoora tarsimo'aadhaf barbaachisan ni ibsu.

Tooftaa: Barreeffama dhiyeessu (presentation) fi ibsa kennuu (clarification).

Daqiiqaa 20

Yaadannoo Haala Mijeessitootaf:

Adeemsaa fi Faayidaa Karoora Tarsiimoo Irratti Waliigaluu

Adeemsa waliigalaa fi faayidaa karoora tarsiimoo irratti hubannoo fi waliigalteen ifa ta'e jiraachuu qabaata. Akkaataa adeemsichi itti ibsamuu fi adeemsa keessatti qabatamaan maaltu akka hammatamu guddina dhaabbatichaa, dheerian yeroo karoora tarsiimoo akkasumas dandeettii fi qabeenya dhaabbatichaa fi kkf irratti hundaa'un garaagarummaan ni jiraata.

Kutannoo Hoggansaa fi Hojjattootaa

Karoorri tarsiimo'aa hojjattoota sadarkaa hundaa waliin ta'uun akka qophaa'u adeemsa irratti gama hoggansa olaanotiin kutannoo gaafata; yeroo fi baajata gahaa qab, yeroo xumuramu hojjattootaaf sirnaan kan tamsa'u ta'a, akkasumas gamaaggamni, madaqsuu fi hordoffiin itti fufa. Karoorri tarsiimo'aa hirmaannaa qaamolee bu'uuran murtee kennan hedduu fi hirmaannaa hojjattootaa, tola-ooltotaa, miseensota boordii fi hoggansaa sadarkaa hundatti milkaa'uusaa ni mirkaneessa. Gareen karooraa tokko tokko karaa yeroo guutuu ta'een hirmaachuu kan fedhanii fi leenjii sirrii irratti hundaa'un beekkumsaa fi dandeettii karoora tarsiimo'aaf barbabaachisu qabaachuu qaba. Dabalataan, garee/koree qophii karoora tarsiimoo keessatti qaamota gaggeessummaa fi hoggansaa irraa bakka bu'ootniargamuun qophii karoora tarsiimo'aa too'achuu, walitti fufiinsan hordofuu fi sirreessuu qabu. Gareen qophii karoora tarsiimo'aa takkaa erga hundaa'ee, gahee fi itti gaafatamummaa qaama hundaa murteessun barbaachisaadha akkasumas yeroosaan qabanii fi carraaqqiisaanii.

Baajata (Budget)

Qophii karoora tarsiimotiif dhaabbatni baasii kan qabu yemmuu ta'u, maallaqni (baajanni) kuni jiraachuu qaba. Karoora tarsiimo'aa qopheessuu hanga baajataatti galmoota karroricha keessatti ibsaman galmaan gahuuf hojiiwwan raawwataman hojjachuuf baasin bifa hundaa yeroo fi qabeenyan ni dhufa. Dhaabbileen keessoo isaanitti karoora tarsiimo'aa hojjattoota jiran waliin qopheessudhaaf filachuu danda'u. Yeroosaanii, sadarkaa tattaaffii, yeroon itti gaafatamummaa biroorraa itti fagaatan sababa ta'uu mala. Dhaabbatni keessan gorsaan sakatta'iinsa akka gaggeessuf yookan akka haala mijeessuu fi gamaaggama/qorannoo qophii karoora tarsiimo'aa akka deeggaru yoo qacare, kunniin baasiwwan garaagaraa qabaatu akkasumas baasii faayidaalee kenniinsa tajaajilaatin walqabatan kan qabu yoo ta'u baasiwwan kunniin karoorfamuu barbaadu.

2.4 Yeroo Karoora Tarsiimo'aa

Kaayyoo: dhuma kutaa kanaa irratti, hirmaattotni yeroo karoora tarsiimo'aa xiinxaluuakkasumas murtii dabarsuu ni danda'u.

Tooftaa: Barreeffama dhiyeessu (presentation) fi ibsa kennuu (clarification).

Daqiiqaa 60

Yaadannoo Haala Mijeessitootaf:

Adeemsi qophii karoora tarsiimo'aa tooftaa dhaabbileen galmoota waliigalaa karoora yeroo giddugaleessaafi karoora yeroo dheeraa milkeessuf itti fayyadamaniidha.Adeemsi kuni adeemsa qophii karoora piroojektootaa, kandaangaa fi ramaddii hojiilee piroojektoota dhuunfatiif taasisuun garaagara. Kaartaa tarsiimo'aa (Strategic mapping) kan ergama, muldhataa fi galmoota isaanii madaaluf dhaabbilee tajaajiluunis garaagara. Akkasumas bal'aadha, dhaabbileen galmoota isaanii milkeessuf kaayyoolee tarsiimo'aa isaan kam irratti tattaaffii gochuu akka qaban daandii itti agarsiisuf gargaara.

Adeemsi karoora tarsiimo'aa wanta yeroo/haala tokko qofa milkeessuf uumamuu miti, akka waltajjii karoora idilee qopheessuu yookan yeroo walgahii hojjattootaatti. Adeemsi isaa of eeggannoon karoorsuu barbaada, adeemsichi ibsaa fi of-eeggannoo kan qabu ta'uu qaba. Karoora tarsiimo'aa yeroo qopheessitan yookan haarawoomsita, ulaagaa hoojin ittiin raawwatamu dhaabbata keetif diriirsaa jirta, yeroo hedduu waggaa lamaa hanga sadii yookan sanaa oliif. Kanaafuu, karoora hojii tarsiimo'aa qopheessudhaan yeroo fi humna karoorsun wanta hiika qabuudha.

Gaafileen asirratti gaafachuu qabnu

- Adeemsa karoora tarsiimo'aa yoom hojjachuu qabna?
- Adeemsa karoora tarsimo'aa yeroo hangamiin qopheessina?
- Adeemsa karoora tarsiimo'aa marsaa dhaabbataa yookan piroojektii keessatti yeroo kam qopheessina?
- Adeemsi karoora tarsiimo'aa hangam dheerachuu qabaata?

Eeruwwan/Yaadota Tokko Tokko (Some Sggestions)

Marsaa piroojektii yookan dhaabbataa keessatti karoora tarsiimo'aa qopheessuf yeroo hiika qabu garaagaraattu jira. Fakkeenyaaf, piroojektii haaraa yeroo jalqabsiiftan, piroojektiin biroo yoo si barbaachise; garuu dhaabbata haaraa waliin yeroo kanatti karoora tarsiimo'aa qopheessuu qabda. Gamaaggama ijoo/barbaachisaa (mejor) dhaabbata yookan hojii kee amma jiru irratti gaggeessitee kunis karoora tarsiimo'aa akka qopheessituuf gorsa/kallatti kan siif kenne yoo ta'e battalumatti raawwachuudhaaf murteessuu dandeessa. Xumura raawwii piroojektii irra yoo geesse, raawwii gamaaggamuu fi marsaa itti aanuf gama adeemsa karoora tarsiimo'aatiin yaada fudhatama qabuudha.

Gocha 2.3.

- Hirmaattotni dhaabbata tokko irraa dhufan garee akka uummatan itti himi.
- Gareen tokkoo tokkoo isaa gaafilee maxxannee I irra jiran yaa hojjatani.
- Gareen tokkoo tokkoo hojiisaanii hirmaattotaaf/yaa'ichaaf yaa dhiyeessan. Gareen tokko tokko isaa murtoo yeroonsaa yeroo qophii karoora tarsiimo'aa dhaabbatasaaniti moo miti jedhu irra gahuun akka isaan irraa eeggamu hubadhu.

3 BOQQONNAA

QOPHII KAROORA TARSIIMO'AA FI HOGGANSA ADEEMSASAA


Kutaan moojulichaa inni kuni kan ibsu dhimmoota bu'uuraa karoora tarsiimo'aa xiyyeffannoo olaanaa adeemsa qophii karoora tarsiimo'aatif kennuudhani. Jalqabarraa kaasee garee ijaaruu/dhaabuu, seenduubee dhaabbatichaa qindeessuu, galmoota dhaabbatichaa kaa'uu yookan haaromsuu/fooyyessuu, mul'ata/ergama mirkaneessuu, xiinxala qooda fudhattootaa fi ciminaa, dadhabinaa, carraa fi hudhaalee gagaggeessuu, dhimmoota murteesso fi dhimmoota xiyyeeffannoo qaama hundaa adda baasuu, karoora tarsiimo'aa bocuu, karooricha hojiirra oolchuu, fi hordofuu fi hoggansa/too'annoo sodaa (risk management). Hirmaattotni adeemsa walduraa duubaa bu'uuraa karoora tarsiimo'aa ja'a karaa adda ta'een irrati bobba'uudhaan hubatan hojitti hiikuu ni baratu.

Mata Dureewwan Kutaa Kanaa

Mata Duree	Yeroo
Qophii Karooratiif Karoorsuu	Sa'aatii 3:00
Galma Kaa'uu	Daqiiqaa 35
Hojimaata Xiinxaluu	Sa'aatii 6:00
Dhimmoota Murteessoo fi xiyyeeffannoo qaama hundaa	Sa'aatii 4:00
Karoora Tarsimo'aa waggaa 3-4 bocuu	Sa'aatii 2:00
VI- Qabeenya/Leecaalloo Karoorsuu	Daqiiqaa 45
Hordoffii fi Gamaaggama	Daqiiqaa 65

Tarkaanfii 1

Haala Waliigalaa Adeemsa Karoora Tarsiimo'aa



Tartiiba 1 Qophii Karooratiif Karoorfachuu

Haala Waliigalaa Adeemsa Karoora Tarsiimo'aa

Kaayyoo: Dhuma kutaa kanaatti, hirmaattotni sadarkaalee/marsaa/afran adeemsa karoora tarsiimo'aa ibsuu ni danda'u.

Tooftaa: Yaada maddisiisuu (Brainstorming), Marii

Meeshaalee: Filiipchaartii/waraqaa, Maarkarii/Qalama, Piroojekatarii

Daqiiqaa 35

Gocha 3.1

- Hirmaattotni dhuunfadhaan sadarkaalee/marsaa/ afran adeemsa karoora tarsiimo'aa akka ibsa taasisi.
- Deebii isaanii filiipchaartii/waraqaa irratti barreessi
- Yaadannoowwan armaan gadiitiin maricha tasgabbeessi.

Adeemsi karoora tarsiimo'aa sadarkaalee/marsaa afur qaba:

1. **Sakatta'uu:** Karoorri tarsiimo'aa gaarin dhaabbatichi hardha eessa akka jiru (haala amma jiru) sakatta'uudhaan/madaaludhaan jalqaba. Kunis kan ittiin raawwatamu ilaalcha/haala alaa (carraa fi hudhaalee) fi xiinnxala ilaalcha/haal keessaa (ciminaa fi dadhabina) cimina, dadhabina, carraa fi hudhaaleetti (SWOT) cuunfudhaani.
2. **Dizaayinii:** Dizaayiniin karoora tarsiimo'aa kan jalqabu ibsa ergama dhaabbatichaa(akka dhaabbataatti maalif jirra, faayidan keenya inni ijoon maali/maaltu kan hin taane)? Gaafilee jedhaan irraayi. Ergamni dhaabbatichaa takkaa ifa erga ta'ee, muldhatni (haala gara fuula duraa) bocamuu/casted).danda'a. Karoorri tarsiimo'aan waa'ee iddoo amma dhaabbatichi jiru irraa gara iddoo inni gahuu barbaaduu kan ibsuudha. Kanarraa kan hafe karoorri tarsiimo'aankaartaa agarsiistuu(road map) imala dhaabbileen hardha irraa gara boruu taasisan faayidaa caalmaa(competitive advantage)fi cimina sochii keessatti dhaabbileen akka milkaa'an isaan taasisu irraa eegala. Galmootni yeroo dheeraa dhaabbilee bu'uurr tarsiimo'aa (straategic framework) akkamitti akka ijaaramu murteessudhaaf barbaachisa. Bu'uura akkasii keessatti, karoorri tarsiimo'aan dameewwan (area) afur kan hammatu ta'uu qaba: 1). Qabeenya Faayinaansii, 2). Hirmaattota Piroojektii (garee fayyadamtootaa/hirmaattotaa), 3).hojimaata fi ilaalcha keessoo fi 4). Namoota/hojjattoota/ qabeenya humna namaa.
3. **Ijaarsa:** Ijaarsi galmoota dhaabbatichaa murtaa'aa (specific), kan safaramu(measurable), dhaqqabamaa (Atainable), kan dhugoomu (realistic) fi yeroon kan murtaa'e (time bounded) (SMART) irraa eegala. Galmootni kunniin iddoo dhaabbileen waggaa 1,2,3 fi kkf. keessatti gahuu barbaadan muldhisa. Dhaabbileen yeroo tokko galmoota murtaa'aa (specific), kan safaramu (measurable), dhaqqabamaa (Atainable), kan dhugoomu (realistic) fi yeroon kan murtaa'e (time bounded) (SMART) yoo qabaatan gara karoora hojitti hiikuu ce'uu ni danda'u. Karoora hojiitti hiikuun dhaabbileen galmoota fi kaayyolee tarsiimo'aa sadarkaa dhaabbilee tokkoo tokkoof caccabu, (kana jechuun galmootni gurgguddoon dhaabbilee galmoota kutaalee (departments), fi galmootni kutaalee galmoota gahee hojii hojjattoota dhuunfaatti caccabu).
4. **Hogganuu (manage):** galmoota tarsiimo'aa dhaabbata keetii sirnaan hogganuudhaaf wantoota saditu si barbaachisa:

• Namoota - namni dhuunfaa dhabbata keessa jiru hundi karoora gochaa dhuufaa karoora tarsimo'aa irraa dhufe qabaachuu qaba. Karoorri gochaa nama dhuunfaa wanta isaan raawwachuu qaban (gahee hojii/ bu'aawwan/deliverables) fi yoom akka raawwataniifabbummaa fi itti gaafatamummaa kan ibsu ta'uu qaba.

• Sirna- sirna adeemsa galmoota hojii hordofuuf hundeeffame; fi

• Adeemsa - hojiiwwa qabatamaa waliin gamaaggama ji'aa fi kurmaanan karoorfame jijjiirama dhaabbatichaa galmootaa/karoora waliin walbira qabuun. Yeroo kuni yeroo wantootni abdataman haalan deemaa hin jirre ta'e, irra deebin sakatta'uu fi karoorri fooyya'uudha.

Gabatee 1.Tarsiimoo irratti https://onstrategyhq.com/resources/strategic-planning-process-basics/ (hamma tokko kan madaqafame)

Sakatta'uu	Tarsiimoo Bocuu (Develop)	Karoora Qopheessuu	Raawwii Hogganuu
Dhimmoota Tarsiimoo: Dhimmoota tarsiimoo furamuu qaban adda baasuu	**Ergama:**Faayidaa Ijoo dhaabbata keessanii murteessuu	**Sadarkeessuu:**Xiinxala Cimina, Dadhabina, carraa fi hudhaalee fayyadamuun sadarkeessuu	
Cimina, Dadhabina, carraa fi hudhaalee (SWOT:daataa gabaa fi indastrii, hubannoo hirmaattota piroojektii fi galteewwan tola ooltotaa fayyadamuun haala keessoo (Ciminaa fi dadhabina) fi haala alaa (hudhaale fi carraa) adda baasu fi xiinxaluu.	**Duudhaalee:**Wanta dhaabbatichi itti amanu ijoo adda baasi	**Galmoota:**Galmoota yeroo gabaabaa, yeroo giddu galeessa fi yeroo dheeraa kaa'i	
	Muldhata:waggoota 3 yookan 5 keessatti milkaa'in maal akka fakkaatu fakkii (image) uumuu.		
	Tooftaalee: Dhaabbatichi akkamitti akka milkaa'u mala diriirsuu		
	Kaayyolee		



Tartiiba 2

Garee Qophii Karoora Tarsiimo'aa Hundeessuu

Kaayyoo: Dhuma kutaa kanaatti, hirmaattotni garee qophii karoora tarsiimo'aa akkamitti hundeessun akka danda'amu ni ibsu.

Tooftaa: Hojii garee, Marii

Meeshaalee Barbaachisan: Filiip Chaartii, Maarkarii/qalama, Pirojeektarii

Daqiiqaa 35

Gocha 3.2:

Hirmaattota gareetti addaan qoodu fi gaafilee armaan gadii gaafachuu: Deebii isaanii filiip chaartii/ waraqaarratti akka barreessan itti himuu/gorsuu fi gama bakka bu'aa isaanitiin hojii isaanii hirmaattotaaf akka dhiyeessan gochuu.

- Garee qophii karoora tarssimo'aa hundeessun maaf barbaachisa?
- Hojjattootni ijoon/qulfiin qophii karoora tarsiimo'aa keessatti hirmaachuu qaban eenu fa'a, gaheen isaanii hoo maal ta'a?

Yaadannoo Haala Mijeessitootaf: Dhaabbileen karoora tarsiimo'aa isaanii qopheessudhaaf yookan fooyyessuudhaaf yeroo murteessan, hojjattoota ogummaasaanitiin, qulqullina hojii fi itti gaafatamummaa fudhachuudhaan fooyyee ta'an irraa koree/garee of kennuudhan hojii qophii karooraa yeroo kennameef keessatti xumuru hundeessun baay'ee barbaachisaadha. Kanaaf, hojjattootni qulfiin kutaalee hojii ijoo irraa adeemsa qophii karoora dhaabbatichaa keessatti bakka bu'uu qabaatu. Gareen kunis hirmaannaa koorniyaa kan idileesse fi sanyii/saba, qaama miidhamtoota, filannoo saalaa, seenduubee barnootaa fi kkf hunda kan hammate ta'uu qaba. Haalli adeemsa filannoo iftoomina akka qabaatu gorfama; fakkeenyaf, walgahii banaa ta'eeni fi miseensa tokko tokkoo filamuuf sababani dhiyaachuu qaba. Sababa kanaaf,

hojjattootni hundi galma hojii fi barbaachisummaa hirmaachuu sirritti hubachuu qabu.

Gareen kuni yeroo hedduu baay'ina hojjattoota adeemsa qophii karooraa kana irratti hirmaachuf gahumsa qaban irratti hundaa'un ijaarama. Haalota birootis yaada keessa galchuun danda'ama. Haa ta'u malee, cimsinee mirkaneeffachuu kan qabnu hirmaattotni garee qophii karooraa;

- Yeroo fi tattaaffii isaanii aarsaa gochuuf qophii kan ta'an
- Beekkumsa fooyyee kan qabanii fi muuxannoo akkasumas galmoota, kaayyolee fi muldhata/ergama dhaabbatichaa irratti hubannoo kan qaban;
- Bakka bu'oota kutaalee hojii hundaa;
- Namoota qabeenya qaban (namoota qophii karoora tarsiimo'aa irratti beekkumsa fooyyee qaban) of keessaa qabaachuu akka qabuudha.

Gareen Qophii Karooraa: itti gaafatamummaa ragaa(data) funaanuu, xiinxaluu fi sanada barreessuu qaba. Dhaabbatichi mana hojitin ala haala mijeessaa (gorsaa, tola oolaa, kennaa dhaabbilee obboleewwanii, kkf) fayyadamuufis filachuu ni danda'a.

Hoggansi dhaabbatichaa adeemsicha irratti hojii gaggeessummaa raawwachuu barbaachis;

Sanada garee qophii karooratiin qophaa'e gamaaggamuu fi raggaasisuu qabaata.

Garee ijoodhaan alattis dhaabbatichi karaa hojjattootni miseensa garee qophii karoora hin ta'in itti hirmaatan uumuu danda'a.Kunis adeemsa hirmaachisaa fi qaama hunda hammate hanga danda'ame hojjattota hedduu qabatee fi ilaalchotaa fi yaadotni garaagaraa keessatti akka hammataman mirkaneessa. Marii yeroo yeroon gaggeessuu fi carraa gamaaggamuu, irratti mari'achuu fi adeemsicharratti dabaluu hojjattootaf haala mijeessun dhaabbatichi karoora badhaadhen akka dhufu taasisa.

Tartiiba 3

Seenduubee (Back ground) Dhaabbataa Qopheessuu

Objectives: Dhuma kutaa kanaatti, hirmaattotni qophii karoora tarsiimo'aatiif barbaachisummaa seenduubee/piroofaayilii dhaabbatichaa qabaachuu ibsuu ni danda'u.

Tooftaa: Yaada Maddisiisuu (Brain Storming) fi Marii gaafilee qajeelfamaa irratti hundaa'un

Meeshaalee: Filiipi-chaartii, Maarkarii/Qalama

Daqiiqaa 20

Gocha 3.3

- Gaafilee armaan gadii kanneen hirmaattota gaafadhu.
- Karoora tarsiimo'aa qopheessudhaaf seenduubee dhaabbataa beekun maaf barbaachisa?
- Marii malee deebii hunda filiipi-chaartii/waraqaa irratti barreessi

Yaadannoo Haala Mijeessitootaaf: Yaadota armaan gadii kanneenin maricha goolabi.

Karoora tarsiimo'aa qopheessudhaaf, seenduubee dhaabbata kennamee, hundeeffama isaa, ergama isaa, muldhata isaa, duudhaalee, qajeeltowwan (principles) ijoo, tajaajilota kennuuf hawwuu, mala hawaasa bira itti dhiyaatu fi kkf beekun, ifatti hubachuuni fi yaada keessa galchuun dirqama.

Walumaagalatti, kanneen armaan gadii beeku fi tilmaamun dirqama.

- Tajaajila yeroo ammaa, toora xiyyeeffannoo(thematic area) fi hojii.
- Caaseffama dhaabbatichaa

Addunyaan haqaa mirga daa'immanii fi walqixxummaa shamarranii tarkaanfachiisu akka dhufu ifaajuu/dhama'uu.

Tarsiimoo qabeenya humna namaa fi gurmaa'insa hojjattootaa (staffing)

Muuxannoo, milkaa'inoota fi hanqinoo yeroo dabree.

Tartiiba 4

Muldhata, Ergama, Duudhaalee fi Xiinxala Daangaa

Kaayyoo: Dhuma kutaa kanaatti, hirmaattotni yeroo qophii karoora tarsiimo'aa barbaachisummaa hiikaa muldhataa, ergamaa, duudhaalee fi aangoo dhaabbilee ni ibsu.

Tooftaa: Yaada maddisiisuu (Brain Storming), gaafilee qajeelfamaa irratt marii garee

Meeshaalee: Filiip Chaartii, Maarkarii/Qalama fi Piroojektarii

Daqiiqaa 90

Gocha 3.3:

Hirmaattotni gaafilee armaan gadii gareedhaan akka deebisan gaafadhu. Deebiisaanii Filiip Chaartii irratti akka barreessanii fi hirmaattotaaf akka dhiyeessan taasisi.

- Muldhata jechuun maalidha, karoora tarsiimo'aa yeroo qopheesinu gamaagamuun maaf barbaachisa?
- Ergama dhaabbilee jechuun maalidha, karoora tarsiimo'aa yeroo qopheesinu gamaagamuun maaf barbaachisa?
- Duudhaalee fi aangoo dhaabbataa jechuun maalidha, karoora tarsiimo'aa keessatti maaf yaada keessa galchina?

Yaadannoo Haala Mijeessitootaf: Karoora tarsiimo'aa qopheessudhaaf, muldhata, ergama, duudhaale fi aangoo dhaabbilee qabaachun milkaa'ina ijoodha. Isaan kunniin, wantoota(elements) daandii guddinaa dhaabbilee kamiiyyuu qajeelchaniidha. Qaamotni (components) kunniin sirritti hiikni yoo itti hin kennaminii fi iddoosaanii yoo hin kaa'amin, karoora tarsiimo'aa qopheessun ulfaataa ta'a. Yaadannoon armaan gadii qaamotni kunniin maal akka ta'an akka hubattu si gargaaru.

Muldhata: Hima/ibsa waa'ee feedhii ejjannoo gara fuula duraa dhaabbanni milkeessuf barbaadu kan ibsuudha. Muldhatni hima/yaada ifa ta'een dhaabbatichi gumaacha isaatin maal milkeessuu/arguu akka barbaadu agarsiisun barraa'uu qaba. Muldhatni si'eessituu baay'ee humna qabuudha. Tarkaanfiwwan karoora tarsiimo'aa muldhata dhugoomsuf kan gumaachan ta'uu akka qaban yaadatamuu qaba. Muldhatni hima tokkoo hanga lamaa caala qabachuu hin qabaatu.

Kanneen armaan gadii qabiyyee ijoo muldhata bu'a qabeessati

- Gara fuula duraa kan muldhisu/agarsiisu yoo ta'e
- Kan kakaasu fi kan si'eessu yoo ta'e
- Gara fuula duraa dhaabbata keessatti bu'aa fi fooyya'iinsa fiduuf kan kaayyeffate yoo ta'e
- Dhaabbatichi maaf akka jiru kan ibsuu fi garamitti akka adeemu kan agarsiisu yoo ta'e

Fakkeenya Muldhata Pilaan Intarnaashinaal

Gocha 3.4:

Muldhata fakkeenyaa tokko gabateerratti/Filiip Chaartii irratti barreessun hirmaattotni qabiyyeewwan (components) armaan gadii kanneen akka adda baasan gaafadhu;

- Jecha yeroo gara fuula duraa agarsiisu
- Jecha kaka'umsaa/si'eessituu
- Faayidaa yookan fooyya'iinsa dhaabbataa gara fuula duraatti
- Dhaabbatichi sababa maalif akka jiru

Qabiyyee/qaamolee kanneen keessaa kan hirdhate jiraachu fi akkamitti ibsa/hima muldhataa akka cimsan gaafadhu

Ergama: Ergamni wanta dhaabbata ibsuudha; kaayyolee isaa fi mala kaayyolee saniin bira ittiin gahamuudha. Ergamni faayidaa waliigalaa dhaabbilee ibsa. Kanneen armaan gadii qaamota/qabiyyeewwan ijoo ergamaati.

- Dhaabbatichi eenyu akka ta'e dubbistootatti hima
- Dhaabbatichi rakkoo hawaasummaa kam furuudhaaf/fooyyessuudhaa akka yaalu fi akkamitti galmaan ga'uuf akka karoorfate ibsa.
- Aadaa fi Falaasama dhaabbatichaa dabarsa/agarsiisa.
- Waa'ee dhaabbatichaa maaltu akka adda ta'e agarsiisa.

Fakkenyaaf: Ergama Walitti hidhamiinsa(Network) Waldaalee Dubartootaa Itoophiyaa

Gocha 3.5:

Ergama fakkeenyaa tokko gabateerratti/Filiip Chaartii irratti barreessudhaan hirmaattotni;

- Faayidaa ijoo/jalqabaa dhaabbatichaa;
- Rakkoo dhaabbatichi furuudhaaf yaalaa jiru;
- Fayyadamtootni ijoon/jalqabaa dhaabbatichaa eenyu akka ta'an;
- Tajaajila/loota ijoo dhaabbatichaan kennaman; fi
- Bu'aan yeroo dheeraa dhaabbatichaa maal akka ta'e akka adda baasan gaafadhu.

Qaamoleen hafan jiraachuusaanii fi akkamitti ibsa ergama akka cimsan gaafadhu.

Duudhaa: Duudhaalen falaasama hojii fi aadaa dhaabbatichaa bakka bu'u. Duudhan tokko qajeeltowwan bu'uuraa dhaabbataa muldhisa.

Fakkeenyaaf: Duudhaa Dubartoota (womankind) Idil-Addunyaa

Gocha 3.6:

Hirmaattotni waa'ee dhaabbata isaanii akka yaadan gaafadhuutii duudhaa isa kamtu itti muldhate? Akka barreessanii fi dhaabbanni isaanii akkamitti aggarsiisaa/isaa akka jiru akka ibsan gaafadhu. Hirmaattota fuula duratti, amooti muraasni duudhaalee adda baasan hirmaattotaa akka qoodan gaafadhu.

Xiixala Aagoo/Daangaa (Mandate Analysis): Xiinxalli aangoo adeemsa qorannoo seeraa fi hiikaa daangaa fi angoo dhaabbataa kan ibsuudha. Aangon bifa adda ta'een faayidaa, itti gaafatamummaa fi aangoo (jurisdiction) yaada agarsiisu fi yeroo hedduu dhaabbilee mootummaati yookan abbaa taayitaa birooti hundeeffama. Dabalataanis xiinxalli aangoo dhaabbanni daangaa aangoo seeran kennameefin hojjachaa jiraachu fi dirqamaa fi itti gaafatamummaa isaa bahachaa jiraachuu isaa mirkaneessa.

Xiinxala Aangoo Gaggeessudhaaf, tarkaanfileen armaan gadii kunneen fudhatamuu danda'u:

1. Sanadoota dhaabbatni ittiin hundeeffame kannen akka seeraa, qajeelfamootaa, chaartarii yookan seera ittiin bulmaataa gamaaggamuu.
2. Faayidaa, itti gaafatamummaa fi aagoo dhaabbataa akka Aangoorratti ibsameen adda baasuu.
3. Ulaagaale fi dirqamootaguutamuu qaban kamiiyyuu dabalatee, dhaabbatichi aangoo kennameef hojirra oolchaa jiraachuu sakatta'uu.

Walqixxummaa kooriyaa guddisuu fi cimina diiagdee, hawaasummaa, siyaasa fi seeraa duartootaa fi shamarran Itoophiyaa fooyyessuu, walta'iinsa qaamolee hundeessaan gidduu jiru cimsuudhaan, tattaaffii waliinii qooda fudhattootaa cimsuu fi eegumsa mirga dubartootaatiif itti gaafatamummaa mirkaneessuu.

4. Iddoowwan fooyya'iinsi itti godhamuu danda'u dabalatee, aangoosaa ba'uu keessatti bu'aa qabeessummaa dhaabbatichaa madaaluu.

Xiinxala aangoo gaggeessudhaan, daangaa aangoo seeraa isaanii keessatti socho'aa jiraachuu, dirqamaa fi itti gaafatamummaasaanii bahaa jiraachuu fi aangoosaanii karaa bu'aa qabeessa fi gahumsaan raawwachuu isaanii mirkaneeffachuu danda'u. Kanaan alattis, namootni alaa dhaabbanni keessan aangoo akkamiitin akka hojjatu akka adda baasanii fi itti gaafatamummaan dhaabbatichaa maal akka ta'e adda baasuu isaan dandeessisa.


Duudhaaleen Baratamoon Muraasni Dhaabbilee Mirga Dubartootaa (WROs) armaan gaditti kennamanii jiru.

Hammachuu (Inclusion): Yeroo waliin hojjannu, gara addunyaa haaraa dubartootni fi shamarran jireenya isaanii fooyya'aa jiraatanitti of ceesisuu dandeenya.
Iftoomina (Transparency): Iftoominaa fi itti gaafatamummaa qabaachun gamtaa(partnership) keessatti wal amantaa ijaarudhaan caasaa aangoo gaggeessummaa abbaa manaa furuu fi mormuu nu dandeessisa.
Barnootaf Kutannoo(Commitment to Learning): Dubartootni hundi muuxannoo addaa akka qabanii fi hundi keenya ogummaa isaanii irraa barachuu akka dandeenyu ni hubanna.

I. GALMA KAA'UU

Tarkaanfii 2

Galmoota fi Kaayyoolee Kaa'uu



Galmoota fi Kaayyoolee Kaa'uu

Kaayyoo: Dhuma kutaa kanaatti hirmaattotni

Karoora tarsiimo'aa keessatti garaagarummaa fi wal-simuu (complementarities)muldhataa, ergamaa, galmaa fi kaayyoo adda baasu.

Yeroo qophii karoora tarsiimo'a barbaachisummaa galmoota fi kaayyolee Moodela Jijjiirama Koorniyaa Guddina Dhaabbilee (GTMOD) keessa kaa'uu ibsa.

Tooftaa: Yaada maddisiisuu(Brain Storming), gaafilee qajeelfamaa irratt marii garee.

Meeshaalee: Filiip-chaartii, Maarkarii/qalama fi Piroojektarii

Daqiiqaa 35

Gocha 3.7

- Hirmaattotni Gaafilee armaan gadii kanniin akka deebisan gaafadhu.
- Karoora tarsiimo'aadhaf faayidan galmootaa fi kaayyolee maali?
- Marii malee deebi hundaa filiipchaartii irratti barreessi.

Deebiwwan kennaman irratti yaada dabalataa fudhachuudhaan marichia bani/jalqabsiisi.

Yaadannoo Haala Mijeessitootaaf:

Galma: Galmi bu'aa dhumaa dhaabbatni yaadudha. Galmi muldhata dhaabbataa milkeessudhaaf tarkaanfii ijoo/guddaadha. Haala qabatamaa karoora tarsiimo'aatin, galmi bakka dhaabbatni gahuu barbaadu yookan gahumsa. Kaayyoo caalaa baldhinaa fi garaagarummaa fagoo qabu. Galmi tokko sadarkaa biyyaatti yookaan naannotti dhaabbata gaaffii keessa jiru dabalatee dhiibbaa sadarkaa olaanaa qaba.

Kaayyoo: Kaayyon ibsa baay'ee murtaa'aa ergama/galma dhaabbataa milkeessuf raawwatamuudha. Haala walfakkaatun sadarkaa ilaalchaa walitti dhiyeenya qaban irratti hundaa'un waliigala/general/ yookan murtaa'aa (specific) ta'uu kan danda'uu fi sadarkaa dhaabbataatti yookan kutaatti kaa'amuu danda'a.




Fakkii 1. Hariiroo Hoggansa Tarsiimoo (Strategic Management Relationships)

Galmoota fi kaayyolee kaa'un gaaffilee 5 (Maal, Maalif, Eessatti, Yoom fi Eenyu) jedhan deebisuun haala yeroo ammaa dhaabbatichaa beekuf gargaara.Kaayyoon (kan murtaa'e, kan safaramu, kan dhaqqabamu, kan dhugoomu fi yeroon kan daangeffame (SMART)) ta'uu akka qabu yaadadhu. Hiikaa kan murtaa'ee, kan safaramu, kan bira ga'amu, kan dhugoomu fi yeroon kan daangeffame (SMART) argachuuf maxxannee/ dabalata III ilaali.

Akka dhaabbata dubartootan durfamuu fi bu'aa hiika qabu galmeessuf carraqutti, dhaabbatni dubartootaa (WO), sagantaalee qopheessu fi hojiirra oolchuu keessatti galmi tarsiimoo isaanii akkamitti dubartoota gahoomsu fi walqixumma koorniyaa akkamitti akka mirkaneessu yaada keessa galchuu qabu.Malli kuni jijjiirama koorniyaa, hammataa, heddumeessuu, iftoomina, itti gaafatamummaa, kabaja, wal danda'uu, sagalee namoota dhiibbamanii/cunqurfamanii dhageeffachuuf banaa ta'uu, dandeettii ejensii dubartootaa guddisuu, qindoominaa fi walta'iinsaaf karaa saaquu, jijjiiramuu, haalaa fi hirmaanna irratti xiyyeeffachuu barbaachisa.

Moodela Jijjiirama Koorniyaa Guddina Dhaabbileetiif (*GTMOD)* Maxxannee/Dabalata IV Ilaalaa

II. AKKAATAA XIINXALA QOODA FUDHATTOOTAA

Tartiiba 1ffaa **Xiinxala Qooda Fudhattootaa**	

Kaayyoo:-

Xumura kutaa kanaa irratti hirmaattonni:-

- Yaad-rimee qooda fudhattootaa ni ibsu
- Dhiibbaa qooda fudhattoonni milkaa'inaa fi kufaatii jaarmiyaa irratti qaban ni ibsu
- Qoda fudhattootaa fedhii fi dhiibbaa isaan qaban irratti bu'uurefachuun ni xiinxalu.
- Haala proojectii fi Sadarkaa hirmannaa qooda fudhattootaa murteessuu ni danda'u.

Tooftaa: Yaada Maddisiisuu (brainstormin), marii garee, Ibsa kennuu, fi Seenessa

Meeshaalee Barbaachisan: Filiipchaartii, Maarkarii, Poower Pooyintiii, Barruu harkaa

Sa'aatii 2

Gocha 3.8:

Hirmaattonni gaaffilee armaan gadii gareedhaan akka deebisan gaafadhu.

- Maxxannee/dabalata V fayyadamuun qooda fudhattoota jaarmiyaa kee (namoota dhuunfaa ykn dhaabbilee) adda baasi.
- Qooda fudhattoota kanneen haala tarsiimoo hirmaachisummaaf si gargaaruun qoqqoodi.
- Hojiiwwan garee keessanii yaa'ii hirmaattotaaf dhiheessaa.

*Yaadannoo Haala Mijeessitootaaf:*Yaada marii qaaccessuuf yaadannoowwan ijoo armaan gadii fayyadami.

Qooda fudhattootni eenyufaadha?

Qooda fudhattoonni namoota dhuunfaa, garee fi dhaabbilee kan dhaabbaticha irratti dhiibbaa uumuu danda'an, dhaabbaticharraa fedhii kan qaban, hojii dhaabbatichaatiin kan dhiibbaan irra gahu ykn hojii dhaabbatichaa irratti dhiibbaa uumuu kan danda'an, hojii dhaabbatichaa keessatti fedhii kan qaban ykn gaaffiii mirgaa dhaabatichatti dhiyeessuu kan danda'aniidha.

Gosoota Qooda Fudhattootaa

Qooda fudhattootni haala armaan gaditti ibsameen gosa lama qabu:

- **Kan Keessaa:** Boordii, hoggansa olaanoo, hojjettoota, fi tola ooltota
- **Kan Alaa:** Mootummaa, Arjoomtota, Damee dhuunfaa, Fayyadamtootaa, beektota , kanneen biroo Dhaabbilee Mitimootummaa/Idil-Addunyaa

Faayidaa Xiinxala Qooda Fudhattootaa

- Ergama jaarmiyaa namoota biroof ifa taasisuuf.
- Dhaabbatichi hojii jaarmiyaa irratti eenyu akka murtee kennu adda baasuu, fi gahee isaanii sakatta'uuf akka danda'u taasisuuf.
- Sochii dhaabatichaa keessatti qabiyyee fi dhiibbaa qooda fudhattootni qaban ifa taasissuf.
- Fedhii, sodaa fi mormii adda baasuu.
- Gahee hojii ifa hintaane fi jijjiirrawwan muudatiin wal-qbatee dhufu ifa taasisuu. Fkn. Jijjiiramuu qama Arjoominaa.
- Marsaa piroojecktichaa keessatti qooda fudhatttni yeroo kamiif fi hanagam akka hirmaatan murteessuu.

Xiinxala qooda fudhattootaa duuba yaadni bu'uuraa jiru gareewwan adda addaa dhimma, dandeettii fi fedhii adda addaa qabaachuu yoo ta'u, fi kunis adeemsa rakkoo adda baasuu, kaayyoo murtessuu fi filannoo tarsiimoo keessatti ifatti hubatamuu fi beekamtii argachuutu irra jiraata. Qooda fudhattoonni fedhii mataa isaanii kan dhaabbatichaan deebi'uufii malu ni qabaatu. Fedhiiwwan kun garaagarummaa kan qabanii fi oomishtummaa, naannoo, qulqullina, fi teeknooloojiidhaan akkasumas dhimmoota faayinaansii, dambii, walgargaarsaa, ykn naamusaa fi kkf waliin kan walqabatan ta'uu danda'u. Dhaabbatichis fedhii qooda fudhattootaa guutummaatti hubachuu fi bira gahuuu qaba. Kunis milkaa'ina egeree dhaabtichaaf waan gargaaruuf adeemsa baayyee of-eeggannoon ilaalamuu barbaaduu fi obsaan bira gahamuudha. Dhaabbanni qooda fudhattoota isaa quubsuu hin dandeenye kaayyoon isaa ni galma hin gahu.

Gabatee Xiinxala Qooda Fudhattootaa

Yoo agarsiiftuu sirriin hin qabaanne sirna qooda fudhattootaa ykn karaa xiinxalli ragaalee hawaasa keetii ittiin gaggeessamuuumuun hojii ulfaataa ta'uu danda'a. Galteewaan xiinxala qooda fudhattootaaf gageessuuf nu barbaachisan kan raga keenya gara yaada hiika qabutti qindeessuuf, qooda fudhattoota keenya haala bu'a qabeessa ta'een bulchuu fi mala gabaasa bu'aa hirmaannaa qooda fudhattootaa keenyaa dhiyeessuuf nu gargaaran gurguddoo shantu jiru. Isaanis Ekseelii (Excel), Engagement Hub, Aaltoomeetirii (Alto meter), Maappii (Google maps) fi ABS Daataa" dha. Garuu yeroo baayyee xiinxala

qooda fudhattootaa gaggeessuuf Ekseeliin (Excel) meeshaa karaa salphaatuudha.

Xiinxala qooda fudhattootaa fi hirmaannaa isaaniif meeshaaleen (maatiriksiin) gargaaran muraasni armaan gadiitti kennamaniiru. Xiinxalli qooda fudhattotaa gabatee 1 fi Gabatee 2 irratti ibsame gara gabatee 3 fudhatamee marsaa piroojecktichaa fi gosa hirmaannaa qooda fudhattootaa murteessuudhaaf ni gargaara. Hubadhu, gabatee 3 keessatti qooda fudhattootni heddu kan marsaa piroojektii keessatti gahee qooddatan jiraachuu fi akka amala fi sadarkaa isaanitti akkasumas fedhii fi dhiibbaa uqaban irratti hundaa'uudhaan tarreeffamuu danda'u.

Gocha 3.9:

Ibsa hirmaattonni shaakala 3.8 armaan olirratti hirmaattotni kennan irraa fakkeenya muraasa fudhachuudhaan akkaataa gabatee armaan gadiitiin xiinxala fi hirmaannaa qooda fudhattootaaf igaggeessuuf itti fayyadaman itti agarsiisi. Dhimmi Pilaan Intarnaashinaal Itoophiyaa (PIE) dhimmicha keessatti akka fakeenyatti kennameera.

T.L	Qooda fudhattoota	Bu'aa Eegamu	Wanti eegame yoo raawwatamuu baate miira fi dhiibbaa dhufuu danda'u	Deebii akka dhaabbtaatti kennamuu qabu	Sadrkaa Barbaachisummaa (1-3)
1	PIE	Piroojeckii haala gaariidhaan ijaaruu fi qabeenya hojiirra oolchuu Bu'aa yaadame galmaan gahuu	Deeggrsa adda kutuu	Qabeenya ramadame sirnaan hojiirra oolchuu. Gabaasa Faayinaansii fi kan idilee yeroo yeroon dhiyeessuu Daawwannaa dirree gaggeessuu	1

Gabatee 2: Maatiriksii Xiinxala Qooda Fudhattootaa

T.L	Qooda fudhattoota	Fedhii/Eeggannoo	Dhiibbaa Uumuu Danda'u	Tratiiba barbaachisummaa (1-3)
1	Plaan Intaranaationaal Itoophiyaa (PIE)	Piroojektii haala gaariidhaan ijaaruu fi qabeenya hojiirra oolchuu fi Bu'aa yaadame galmaan gahuuf fedhii guddaa qabu	Milkaa'inaa fi kufaatii piroojektii irratti fi Beekamtii dhaabbatichaaf murtee fayyadus ta'ee miidhu dabarsuu irratti dhiibbaa ol aanaa uumu.	1

Gabatee 3: Maatiriksii Fedhii fi Dhiibbaa Qooda fudhattootaa

	Odeeffannoon bira gahuu kan qabu	Waliin kan Mari'atamu	Walitti dhufeenya walootiif	Bakka Bu'iinsa Kennuuf	To'atamuu kan qabu
Adda baafannaa		PIE	PIE		
Karoorsuu		PIE	PIE		
Ijaarsa Gaggeesuu		PIE	PIE		
Hordoffii fi Gamaaggama		PIE	PIE		

Gabatee 4: Maatiriksii Hirmaannaa Qooda Fudhattootaa

Tartiiba 2ffaa Xiinxala Ciminaa, dhadabinaa, carraa fi hudhaalee (SWOT)

Kaayyoowwan:

Xumura kutaa kanaa irratti hirmaattonni;

- Kallattiiwwan xiinxala haalaa ni beeku akksumas ni ibsu
- Qabbiiyyee xiinxala haalaa ni tarreessu
- Xiinxala Haalaa gaggeesuu ni danda'u.

Mala: Marii, Ibsa, Yaaduu, Fakkeeny, Kallattiiwwan xiinxala haalaa

Meeshaalee Barbaachisan: Flip chaartii, Markarii, LCD, fi Plastarii

Daqiiqaa 80

Shaakala 3.10: Walgahii guutuu keessatti hirmaattoota gaaffilee armaan gadii gaafachuun deebii isaanii flliip chaartii ykn gabatee irratti barreessuun namni hundi akka argu taasisi. Sana booda deebii kenname yaada hirmaattota biroo waliin wal-cinaa qabuudhaan mari'adhaa.

Xiinxalli haalaa (SWOT) maali?

Qabiiyyee adda addaa xiinxala haalaa (SWOT) maali?

Haala Keessa	**Cimina**	**Laafina**
	Dhaabbanni naannoo sanatti tajaajila gosa kana kennu kana qofa ta'uu. Dorgommii kallattiin hin jiru Tola ooltota fi Arjoomtota cimoo quuqamaa fi kaka'uumsa qaban Tajaajila faayida guddaa qabu kennamuu Mul'ata ifa ta'ee fi seenaa dheeraa ergama kanaan walqabate	Lakkofsi tola ooltota xiqqaachuu Tola ooltotni fi Hoojjattootni nuffuu fi gadi lakkisuu Mindaa xiqqaa, waldorgommii xiqaa Rakkoo walitti-dhufeenya alaa Qabiinsiragaa laafaa ta'uu
Haala Alaa	**Carraa**	**Sodaa**
	Dhaabbilee mitimootummaa biyya keessaa biroo waliin tumsa uumuuf carraa bal'aa (keessattuu dorgommiin kallattiin waan hin jirreef) Hawaasa biratti fudhatama ol'aanaa argachuu Dubartootni hawwasicha keessa jiraatan kaayyoo dhaabtichaaf qkan quuqaman ta'uu orannoo gaggeeffameen mirkaneesseera.	Haala ulfaataa fi walxaxaa ta'e keessatti dhiibbaan sagantaalee muraasaa madaaluun rakkisaa ta'uu . Baasii qarshii olaanaa / baasii alaa olaanaa Hawaasni waa'ee godaansa jiraattotaa dubbachuu irraa of qusachuu

Gabatee 5: Fakkenya Xiinxala Haalaa (SWOT)

Yaadannoooo Haala Mijeessitootaaf: Xiinxala haalaa illalchisee haqa armaan gaditti dhiyaatee bu'uureffachuun cuunfaa marii hirmaattotaaf dhiyeessi.

Xiinxala Ciminaa, dadhabinaa, carraa fi hudhaalee: Xiinxalli haalaa mala ciminaa fi hanqina keessoo fi carraa fi sodaa alaa sochii dhaabbata tokkoo kan yeroo ammaa fi gara fuula duraa murteessan adda baasuu fi xiinxaluudha.

Cimina

Ciminni to'annoo dhaabbatichaa keessa kan jiru, yeroo ammaa kanas kan mul'atuudha. Fakkeenyaaf teeknooloojii mijaawaa, hojjettoota of kennanii hojjatan, muuxannoo hoggansa fi kkf dha.

Dadhabina

Laafinnis to'annoo dhaabbatichaa keessa kan jiru fi yeroo ammaa kanas kan mul'atu yoo ta'u garuu gara fuulduraatti haammataa kan ta'uu miti. Kunis hanqina, waan irraanfatame ykn qabxii dadhabinaa ta'u danda'a. Fakkeenyaaf, hanqina hojjettoota gahumsa qaban, faayinaansii gahaa dhabuu, kenniinsa tajaajilaa gaarii dhabuu, dandeettii bulchiinsa laafaa fi kkf.

Carraawwan

Carraan haalota alaa kan dhaabtichaaf mijataa fi gaarii ta'an kan dhaabbatichi akka deegrsaatti itti fayyadamuu qabuudha. Haa ta'u malee, isaan kun to'annoo dhaabbatichaa ala kan ta'aniidha. Isaan kana cimina irraa adda kan taasisu ciminni waan gaarii kan keessoo dhaabatichaa ta'uu isaati. Fakkeenyaaf, Arjoomtoonni fedhii qaban jiraachuu, imaammatni mootummaa mijataa, carraa dinagdee fi hawaasummaa, teeknooloojiiwwan, sagantaaleen leenjii jiraachuu, sagantaan jijjiirama naannoo kan dhiibbaa gaarii geessisu jirachuu fi kkf.

Sodaa

Sodaan waanoota alaa kan gaarii hin taane fi hamaa kan too'annoo dhaabtaan ala ta'aniidha. Hambisuun yoo hin danda'amnee fi furmatni yoo kennamuu baate hojii dhaabbatichaa irratti dhiibbaa hamaa geessisu. Fakkeenyaaf, haalli dinagdee hammaataa dhufuu, baay'inni ummataa saffisaan guddachaa dhufuu, imaammata hawaasummaa sagantaa keessan irratti dhiibbaa hamaa geessisu, tasgabbii dhabuu siyaasaa, hanqina teeknooloojii, jijjiirama qilleensaa fi kkf.

Haala Keessaa	**Cimina**	**Laafina**
	▪ Wanti dhaabtni kee haala gaariin hoojjate ykn kana akka itti fufu barbaaddu maali?	▪ Wanti dhaabtni kee sirritti hin hojjatin akka fooyya'uu barbaaddu maali?
Haala Alaa	**Carraa**	**Sodaa**
		▪ Dhaabbata keessan gargaaruuf/eeguuf maal irraa ittisuu barbaaddu?

Madda:-Qajeelfama Karoora Tarsiimo'aa Hoggantootaa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii

Gabatee 6: Guca Maatiriksii Xiinxala haalaa

*Eeruu Haala Mijeessitootaaf:*Xiinxallii Cimiinaa Dhabiinaa, carraa fi hudhaalee haala itti gaggeeffamu irratti

Gocha 3.11

- Hirmaattonni garee afuritti addaan qoodamuudhaan gareen tokko qabiiyyee xiinxala haala afran keessaa (Cimina, Laafina, Carraa, fi Sodaa) tokko akka hojjatu ramadama. Hirmaattonni dhaabbata tokko irraa yoo ta'an, dhaabbilee dubartootaa akka fakeenyatti fudhatnii xiinxalli haalaa gaggeessu. Hirmaattootni iddoo biraarraa yoo walitti dhufan haala mijeessaan mata duree waliinii tokko (mata duree dhimma mirga dubrtootaan walqabatu) filachuufii danda'a. Tokkoon tokkoon gareetiif unkaa armaan oliitti fayyadamuun yaada isaanii waraqaa filiip chaartii irratti barreessuuf fi gaaffii gaafchuuf daqiiqaan 5 -10 ni kennamaaf. Itti aansuun dheerina yeroo walfakaataa keessatti gareen naanna'uudhaan hanga qabiiyyee irraa egalaniitti deebi'anii dhufanitti yaada dabalataa kenna. Sana booda, gareewwan hundi gara yaa'ii guutuutti deebi'anii yaadota kutaa isaanii jala jiran garee bal'aa waliin qooddatu.
- Xiinxalli haalaa dhimma dubartootaa fi koorniyaa xiyyeffannoon ilalluudhaan raawwatamuu qaba. Malli kun Moodeela Ce'uumsa Koorniyaa Misooma Jaarmiyaa (Gender TransformativeModelforOrganizatio nalDevelopment-GTMOD) keessatti caqafameera.

Xiinxala Kee Cimaa Taasisi

Qabxiilee gurguddoo tokkoon tokkoon qabiiyyee xiinxala haala erga guuttee booda, yeroon yoo isiniif hayyame yaada gareetiin caalaatti gabbisaa.

- Sababani tokkoon tokkoo cimina, laafinaa, carraa ykn sodaa maali?
- Tokkoon tokkoon qabxii kaa'amee dhiibbaa maaliin dhufu?
- Qabxiilee ka'anis ta'ee namoota adeemsicha keessatti qooda fudhatan hirmaatan gidduutti wanti wal hin simne jiraa? Yoo akkas ta'e maaliif?

Gorsa: Qabxii tokkoon tokkoon ilaaluudhaan dadhabina ykn sodaa ka'eef furmaata kaa'uun akkasumas ciminni ykn carraan tarreeffame akka dhugoomuu fi guddatu yaada dabalataa kennuun gaarii ta'a. Akkuma adeemsa karoora tarsiimoo kamiyyuu, xiinxalli haalaa hunduu dhimma dhaabata ofii beekuti.

Tartiiba 3ffaa Haala Alaa Qorachuu ykn Xiinxaluu

Kaayyoo:

Dhuma kutaa kanaatti hirmaattitni

- Karoora tarsiimo'aa keessatti adeemsa sakatta'iisa naannoo alaa ni ibsu.
- Qaamota/qaiyyee sakatta'iinsa haala naannoo alaa ni ibsu.

Tooftaa: Marii, barreeffama dhiyeessuu, yaada maddisiisuu (brainstorming), sanada fakeeyaa/samudaa

Meeshaalee barbaachisan: Filiipchaartii, Maarkarii, Piroojektarii fi barreeffama.

Gocha 3:13

Hirmaattotni qaxiilee armaan gadii irratti gareedhaanii fi hojii isaanii dareedhaaf/yaa'idhaaf akka dhiyeessa taasisi.

- Karoora tarsiimo'aa keessatti haala naannoo sakatta'uu jechuun maala jechuudha?
- Qaiyyeewwan/qaamotni sakatta'iinsa naannoo maal fa'a?

Dhaabbata keessan yookan ka leennji'aa biroo akka fakkeenyatti fudhachuudhaan, garee keessaniin sakatta'iinsa haala naannoo alaa dhaabbatichaa gaggeessaa.

Sa'aatii 1

Hubachiisa/Xiyyeeffannoo Haala Mijeessitootaaf: Hojii kana raawwachuudhaaf dhugaawwan gargaaran armaan gadii kanneen irratti hundaa'un barreeffama gareedhan dhiyaate goolabi.

Gareen karooraa humnootaa fi adeemsa naannoo alaa kanneen mata dureewwan garaagaraa jalatti ramadamuu danda'an ilaaluu qabaata. Bu'aalen xiinxalichaa/sakatta'iinsichaa tarree carraalee fi hudhaalee naannoo alaa irraa dhaabbaticha mudataniidha. Kana malees, miira fi ilaalcha isaan dhaabbatichaaf qabanii fi qabxiilee isaan kaasan dhimmoota tarsiimoo keessatti hammachiisun akka danda'amuuf qooda

fudhattoota ijoo akka arjoomtotaa, fayyadamtootaa, hojjattootaa/tola ooltota fi kkf waliin mari'achuun murteessadha.

Carraa wantoota naannoo alaa dhaabbatichi aangoosaa, ergamaa fi kaayyoleesaa akka galmaan gahatu gargaaran irraa argama.

Hudhaalee wantoota naannoo alaa irraa ergamni, galmootni fi kaayyoleen akka hin milkoofne gufuu ta'uu danda'ani fi itti fufiinsan jiraachuu dhaabbatichaa irrattis hudhaa ta'uu danda'an irraa madda. Carraa fi hudhaalen lamaan isaaniyyuu haala amma jiru caalaa, wanta gara fuula duraa ta'u danda'u waliin walqabatu.

Maatriksii Xiinxala Naannoo Alaa (Siyaasa, Diinagdee, Hawaasummaa, Teeknooloojii, Naannoo fi Seera) (PESTEL)

Meeshaan gaarin haala naannoo xiinxaluuf fayyadu Siyaasa, Diinagdee, Hawaasummaa, Teeknooloojii, Naannoo fi Seeradha.Tokkoo tokkoo dhimmoota kanneenii yaada keessa galchuu fi haala isaan piroojektii/ dhaabbata kee waliin walqabatan ilaaludhaan wantoota dhiibbaa geessisan adda baasuu dandeessa. Fakkeenyaf, yeroo waa'ee seeraa yaaddu, waliigatee irratti seerri haarofti bahuu isaa hubachuu/ mirkarkaneeffachuu dandeessa, kunis waliigalteen kee amma jiru hojiin ala gochuu danda'a. Kunis furmaata akka barbaadu si taasisa, kunis akka qooda fudhataa keessotti garee seeraa irraa galtee akka barbaadu si taasisa.

Haal	Carraa	Sodaa
Siyaasa		
Diinagdee		
Hawaasummaa		
Teeknolojii		
Naannoo		
Seera		

Gabatee 7: Gabatee Xiinxala Haala Alaa

Tartiiba 4 Haala Keessoo Xiinxaluu

Kaayyoo

Dhuma kutaa kanaatti, hirmaattotni

- Yaadrimee sakatta'iinsa haala keessoo ibsuu ni danda'u.
- Qabiyyee adeemsa sakatta'iinsa haala keessoo ibsuu ni danda'u.

Tooftaa: -Marii, barreeffama dhiyeessuu/gabaasuu, yaada maddisiisuu, sanada samuda/sample/

Meeshaalee Barbaachisan: Filiip Chaartii, Maarkarii/Qalama and dabtara yaadannoo

Gocha 3:13:

Hirmaattotni gaafilee armaan gadii daree/yaa'ii keessatti akka deebisan taasisi. Deebii kenname irratti marii jalqabsiisi.

Sa'aatii 1:40

Yaadannoo Haala Mijeessitootaaf: Qabxiilee ijoo armaan gadiitiin mariachi guduunfi.

Xiinxalli kuni mata dureewwan gurguddoo shan kan dhaabbanni hojii isaa hojjachuuf itti fayyadamu irratti gurmaa'uu danda'u. isaannis kanneen armaan gadii dabalata.

- Bulchiinsa yaa'ii waliigalaa, boordii fi qaamolee bulchiinsaa hundaa eerun.
- Qabeenya humna namaa, qabeenya faayinaansii, qabeenya fiizikaalaa fi qabeenya odeeffannoo eerun.
- Caasaa/gurmaa'insa dhaabbilee.
- Adeemsa, sirnootaa fi hojiimaata sochii dhaabbatichaa hundeessan.
- Tajaajila dhaabbatni kennuu fi sadarkaa itti quufinsa fayyadamtootaa.

Adeemsi xiinxala haala keessoo garee qophii karooraa gidduutti hirmaannaa kan qabu ta'uu qaba. Mala baratamaa gama birootin itti fayyadamnu keessaa karaa yaada maddisiisutiin miseensotaaf carraa kennuudha.

Sagantaa yaada maddisiisuu akkamitti akka raawwannu

- Dhimma, gaafilee fi mata dureewwan murteessu fi daangessuu;
- Hirmaattotni hundi hirmaachuu qabu.;
- Yaadotni gara fuula duraa dhufan qeeqamuu fi ittifamuu hin qaban;
- Haalli mijataa fi waldanda'uun jiraachuu mirkaneessuu (namootni achi kan jiran madaalamuudhaf miti).

Maatriksii Xiinxala Naannoo Keessoo/ Xiinxala Haalaa

Qabxiilee Xiinxalaa	Ciminoota	Dadhabina
Bulchiinsa (Fakkeenya)	Jalqabaa fi imala dhaabbatichaa beekuu Walitti fufiinsa gaggeessummaa Qindoomina gaarii fi mala bulchiinsaa	Mala mirka dhala namaa irratti hundaa'e hin dabalatu. Hammataa miti Gariin haqina kutannoo kan qabanii fi sagantaa bocuu fi qophii karooraa irratti hin hirmaatan. Adda durummaan hin gaggeessan
Hoggansa		
Humna Namaa		
Qabeenya Maallaqaa/ Faayinaansii		
Faasilitiiwwan Fiizikaalaa		
Qabeenya Odeeffannoo		
Kenniinsa Tajaajilaa		

Gabatee 8: Gabatee Xiinxala Haala Keessoo

Gocha 3:14:


Hirmaattotni hojii garee armaan gadii akka hojjatan gaafadhu.

- Garee keessan keessatti dhaabbata mataa keessanii yookaan dhaabbata miseensa garee tokkoo akka fakkeenyatti fudhadhaa.
- Gabatee armaan olii fayyadamuudhaan, xiinxala siyaasaa, diinagdee, hawaasummaa, teeknooloojii, naannoo fi seeraa dhaabbatichaa taasisaa.
- Gabatee 7 armaan olii fayyadamuudhaan, sakatta'iinsa haala keessoo dhaabbatichaa gaggeessaa.
- Hojii garee keessan yaa'idhaaf/dareedhaaf dhiyeessaa.

IV. DHIMMOOTAMURTEESSO FI XIYYEEFFANOO SEEKTARA HUNDAA

Tarkaanfii 1

Dhimmoota Murteessoo/Tarsiimoo Adda Baasuu



Kaayyoolee:

- Dhuma kutaa kanaatti, hirmaattotni
- Karoora tarsimo'aa keessatti dhimmoota muteessoo/tarsiimo'aa ibsuu ni danda'u.
- Dhimmootni tarsiimo'aa akkamitti akka adda bahan ibsuu ni danda'u.
- Dhimmootni tarsiimoo karoora tarsiimo'aatiif akkamitti akka fayyadan ni ibsu.

Tooftaa: Marii, barreeffama dhiyeessuu fi yaada maddisiisuu

Meeshaalee Barbaachisan: Filiipchaartii, Barreeffama(handout), Maarkarii fi Piroojektarii

Gocha: 3.15:

Hirmaattotni Gaafilee yaada maddisiisuu armaan gadii kanneen akka deebisan taasisi. Yaada dabalataa hirmaattota biroo irraa fuudhudhaan marii yaa'itiif haala mijeessi.

- Dhimmootni murteessoo/tarsiimoo maal faadha?
- Dhimmoota tarsiimoo akkamitti adda baaftu?
- Dhimmoota tarsiimoo adda bahan karoora tarsiimo'aadhaf akkamitti itti fayyadamtu?

Sa'aatii 1

Yaadannoo Haala Mijeessitootaaf: Qabxiilee ijoo armaan gadii kanneen fayyadamuudhaan maricha goolabi.

Adeemsa qophii karoora tarsiimo'aa sadarkaa kanatti, miseensotni garee karooraa dhimmoota ijoo/tarsiimoo adda baasuu danda'uu qabu. Dhimmootni tarsiimoo mata dureewwan jalqaba adeemsa karooraa kamiiyyuu irratti ka'aniidha, haala baratameen yeroo dhaabbanni tokko haala amma keessa jiru sakatta'uuf yaalu fi hojjattoota kee, qooda fudhattootaa fi hirmaattota piroojektii waliin haasoftuudha. Dhimmootni murteesson/tarsiimoo mata dureewwan dhaabbanni keessan furuuf, sirreessuf yookaan murteessu barbaadufi osoo gara karoora waggatti hin galin dura bahanii kan muldhataniidha. Isaan kunniin dhimmoota dhaabbanni tokko galmootaa fi kaayyolee isaa akka galmaan ga'uu fi sirnaan yoo qabaman hojiirra ooluu kan danda'aniidha. Dhimmootni tarsiimoo dhommoota ijoo dhaabbanni ergama isaa galmaan gahuudhaaf irratti xiyyeeffachuu qabuudha. Dhimmoota murteessoo/tarsiimo'aa kee haala dhaabbatichaa waliin walitti fiduuf iddoowwan sirnaan hojjachaa jiran, iddoowwan sirnaan hojjachaa hin jirre, daandii irratti maaltu akka mudatee fi carraalen jiran maal akka ta'an adda baasuf xiinxala ciminaa, dadhabinaa, carraa fi hudhaalee (SWOT Analysis) kee armaan olii ilaali.

Dhimmootni Tarsiimoo Akkamitti Caaseffamu?

Dhimmoonni tarsiimoo caasefamuu kan qaban bifa gaaffiin yoo ta'u, dhaabbileen gaaffii kanneen yeroo adeemsa qophii karoora tarsiimoo'aa deebisuu akka danda'aniif.

Bu'uuraan gareen karoora tarsiimo'aa qopheessu dhimmota tarsiimoo xumuraa ja'aa hanga saddeetii irratti waliigaluu qabu. Tarreen inni dhumaa dhimmoota baay'ee barbaachisoo ta'an kanneen armaan of keessaa qabaachuu qabu.

- Kamtu dhiibbaa (impact) olaanaa qaba?
- Isaan kamtu furmaata hatattamaa barbaada?
- Isaan kamtu duudhalee walootiin walitti dhiyeenya qaba?

Dhimmoota Baay'ee Barbaachisoo Bira Akkamitti Geenya?

Filiip chaartii fayyadamuun dhiimmota tarsiimo'aa heddu tarreessi.

Miseensonni garee karooraa dhimmota hojii, caasefamaa, fi kan biroo irratti xiqqoo akka yaadan taasisi.

Tokkon tokkoo hirmaatotaa hojjetoota biroo, tola ooltotaa fi qooda fudhatoota biroo gaafachuun dhimmota dhaabbatichaa sadii hanga shanii adda baasuun akka barreessan gaafadhu.

- Miseensonni garee karooraa dhimmota kannenii fi dhimmota isaanii fayyadamuun dhimmota tarsiimo'aa olaanoo dhaabbatichaa fi dhaabbatichi gara fuulduratti irrati xiyyeeffatu yaa qopheessan.
- Kan wal fakkatan isa tokko kan biroo waliin walitti dabaluun dhimmota miseensonni garee karooraa kamtu dhibbaa olaanaa, giddugaleessa, hatamtamaa fi kamtu duudhalee dhaabbatichaa waliin walitti dhiyeenya qaba jedhanii yaadan addaan yaa baasan.
- Erga miseensonni garee karooraa haala kanaan adda baasanii booda, guca tartiiba sadarkeessuu kanaa gadii fayyadamaa.Tartiibni kun kan fayyadu dhimmota dhaabbileen dursa kennuufii qabaniif fi qabeenyota qaban beekuuf.

Guca tartiiba gabaabaa fi irra caalatti Hojirra kan hojjetamu oolan

T/L	Dhimmoota tarsiimoo	Sadarkaa			
		1 (Baayyee olaanaa)	2 (Olaanaa)	3 (Giddugaleessa)	4 (gad aanaa)
1	Fakkeenya: Hanqina baajataa(Fandii)	X			
2					

Gabatee 9: Gabatee dhimmoota tarsiimo'aa sadarkeessuu

Hubachiisa/Xiyyeeffannaa Haala mijeesitootaaf:

Dhimmi tarsiimoo tokko ta'uu qaba, dhaabbileen sadarkaa ittiin too'atan qabu. Malli gaariin dhimmoota tarsiimo'aa dhimmota hojii ykn idilee(operational) irraa adda itti baasnu, jalqaba dhimmota barbaachisoo dhaabbataa ta'an tartiibessuu dha. Kanaan booda akkamitti dhimmota armaan olitti tartiibefaman fi baayyee barbaachisoo ta'an bira ga'uu dandeenya? Akka walii galatti, dhimoonni tarsiimo'aa ta'uuf uulaagaalee kanaa gadii guutuu qabu.

- Dhimmichi dhimma agandaa boordii fi hojjetoota hooggansaa dhaabbatichaa yoo ta'e;
- Dhimmichi dhaabbaticha yeroo dheeraaf yoo muudachuu danda'a ta'e;
- Dhimmi kun kutaalee/muumeewwan dhaabbatichaa hedduu fi dhaabbaticha walii gala irratti dhiibba fiduu kan danda'u ;
- Dhimmichi dhimma faayinaansii/maallaqaas kan miidhu yoo ta'e ;
- Dhimma kana duraa caalaa mala baayyee filatamaa ;
- Dhimmichi dhaabbatichaa fi qooda fudhatoota alaaf hedduuf haala olaanoo ta'een walxaxaa(dhimma yeroon hin kennamneef) yoo ta'e

Gareen karoora tarsiimo'aa, yoo barbaachisaa ta'e deeggarsa ogeessa dhabbataan alaatiin dhimmoota baay'ee barbaachisoo ta'anii fi dursi kennamuufii qaban adda baasuun dhimmota tokkon tokkoof himoota tarsiimoo/furmaata qopheessu. Of eeggannoon godhamuu qabu dhimmonni kun mul'ata,galma fi kaayyoowwan akkasumas xiinxala Ciminaa, dadhabina, carraalee fi yeroo dhaabbatichaa waliin walitti dhufeenya qabaachuu isaati. Dhimmoonni kunniin caasefamuu kan qaban akkaataa xiyyeefannaa dhaabbatichaa fi dhaabbanni kana booda wanta wayii gochuu danda'uu dha.

Tarree Dhimmota Tarsiimo'aa Ijoo *(*Master List of Key strategic Issues)

Asii gaditti mala tartiiba dhimmota tarsiimo'aa "the Master List of Key strategic Issues," jedhamu fi dhimmota akkaataa barbaachisummaa isaanii fi jijjiirama isaaniiniitiin kaa'uuf barbaachisu jira.Dhimmi tokko akka fakkeenyaatti guutameera. .

T/L	Dhimmoota tarsiimo'aa	Maaliif kun dhimma tarsiimo'aa ta'e?	Yoo kana furuu baanne maaltu ta'a?	Jijjiiramoota barbaadaman safaruu
1	Hanqina bajataa	Dhaabbanni sagantaawwan/piroojektii raawwachuu hin danda'an Mindaa hojjetootaa fi kiraa waajjiraatiif baajatni hin jiru.	Hojjetoonni muuxannoo qaban dhaabbata gadi dhiisu; Dhaabbanni hojii dhaaba….	Jiraachuu/argamuu Baajata hatamtamaa mirkaneessuu

Gabatee 10: Tarree dhimmota ijoo tarsiimo'aa

Yaadadhu: Filannoon tartiiba dhimmoota tarsiimoo gaggaabaaboo fi hojjetamuu danda'anii kaayyoowwan tarsiimoo qopheessuuf nu dandeesisu. Dhimmoonni tarsiimoo gara kaayyoowwan tarsiimootti jijjiiramuun tarsiimoo bocuuf ykn qopheesuun danda'ama.

Tartiiba 2 Tarsiimoowwan Bocuu/qopheessuu (Formulating Strategies)

Kaayyoowwan:

Kutaa kana booda hirmaatonni kanneen ni hubatu

- Tartiiba tarsiimoowwan bocuu ni ibsu
- Akkaataa deeggarsa itti barbaadamu, mirkaaneessuu fi kaka'uumsa karoora tarsiimo'aa ni ibsu.

Tooftaa: Marii,ibsa gabaabaa,yaada maddisiisuu (brainstorming)

Meeshaalee barbaadaman:filiip chaartii,Paawor paawontii(yaadannoo),Maarkarii,Piroojektarii

Gocha 3.16:

Hirmaatota gaaffilee kanaa gadii gaafadhaa. Hirmaatonni biroo yaada marii dabalataa akka kennaniif haala mijeessaa.

- Tarsiimoo bocuu/qopheessuu jechuun maali?
- Akkamitti akka kaayyoowwan tarsiimo'aa qopheesina?
- Akkamitti tarsiimoo bocna ykn qopheesina?

Daqiiqaa 100

Xiyyeeffannaa haala mijeesitootaaf: Marii hirmaatotaa qabxiilee kanaa gadii fayyadamuun guduunfuu yaalaa.

- Bu'uurumatti tarsiimoon kan qopheefamu dhimmoota tarsiimoof furmaata kennuuf.
- Tarsiimoowwan rakkoolee bu'uuraa dhaabbatichaa(dhimmoota tarsiimoo) isaan muudateef deebii kennu.
- Tarsiimoowwan kan bocaman sadarkaalee bu'uuraa afuriini;
- Tarsiimoowwan dhaabbataa walii galaa
- Tarsiimoowwan xixiqqoo(Sub-strategies) (Muumeewwan,kutaawwan fi kkf)

Sagantaa,tajaajilaa,ykn tarsiimoo adeemsa dhaabbatichaa,

Tarsiimoowwan hojiirra jiran(Faayinaansii,humna namaa,bu'uuraalee misoomaa,qabeenya meeshaalee,fi tarsiimoowwan teeknolojiiwwan odeefannoo).

- Tarsiimoo bocuuf tarkaanfiiwwan gurguddoo afurtu jira.Isaanis:
- Mul'ata hunda galeessa(waliigalaa) fi galma, kaayyoowwan dhaabbataa bira ga'amuu danda'amu kaa'uu
- Dhimmota tarsiimoo'aa muurtessuu ;
- Tarsiimoowwan jiran adda baasuu/filachuu; fi
- Tarsiimoo filatamoo/mijataaa filachuu.

Tokkon tokkoo dhimmotni tarsiimo'aa ijoon karoora gochaa irratti bu'uurefateen dhiyaatu. Isaan kunniin immoo karoora tasiimo'aa ta'u fi tarsiimoowwan dhuunfaa haala xiyyeefannaa isaaniitiin, walxaxummaa fi daangaa yerootiin garaagarummaa qabu. Tarsiimowwan tokko tokko kan xiyyeefatan dhiimma dhaabbatichaa muraasa irratti yoo ta'u tokko tokko immoo dhimma walii gala dhaabbaticha walii galaa hammatu.

Tarsiimoowwan bocuun kan bu'uurefatu, odeefannoo fi xiinxaala kana dura adeemsa ykn tarkaanfiiwwan karooraa keessatti fayyadamnee dha. Qabxii kanatti dhimmonni tarsiimo'aa maal akka ta'an, maaliif akka barbaachisan, akkamittii akka barbaachisaniif fi akkamitti akka jijjiiramoota barbaadaman safaraman ifa ykn waan nama rakkisuu miti. Kanaafuu, miseensonni garee karooraa amma tarkaanfii kana duraa caalaa gahee hojii qindeessuu fi walitti qabuu qabu. Tarsiimoowwan beekkaman, dhugooman fi mijataa ta'an qophaa'uun dirqama. Kun immoo kutaalee xixiqqoo/muumeewwan dhaabbatichaa waliin qindoomuu qaba. Qindoominni kun maloota walgahii dhuunfaa qooda fudhatoota ijoo waliin dhimmota tokkon tokkoon irratti gochuu fi af-gaaffii barbaachisaa gorsaa waliin gochuu dandeenya.

Tokkon tokkoo tarsiimoo dhimmota ijoo fi xiyyeefannaa argatan, galma murtaa'e, gochoota barbaachisoo

hojjetamuu qabanii fi ulaagaalee madaallii sirrii ta'an qabachuu qabu. Dabalaataanis dhimmota tarsiimoo'aa ibsuun, jijjiramoota barbaadaman, gochaawwan haala salphaa ta'een raawwatamuu danda'an keessatti hammatamuu qabu. Isaanis:

- Filannoowwan amma jiranii fi bu'aawwan barbaadamaniif ykn gara fuulduraatiif fayyadan.
- Gufuuwwan bu'aawwan barbaadaman akka hin dhufne godhan/ittisan
- Kaka'uumsa(initiatives) bu'aawwan barbaadamu fiduuf fayyadamnu;
- Gochoota ijoo kaka'umsa kanneen irraa maddan.

Gochonni ijoo kunnin gara tarkaanfiiwwan murtaa'anitti geeddaramuun, yeroo murtaa'e fi raawwatoota murtaa'aniin (namoota dhuunfaa fi garee) itti gaafatamummaan(namoota ykn garee itti gaafatamummaan fudhataniin) raawwatamu ykn hojii irra oolu.

Haala kanaan, namoota hundaaf ifa dha ykn hin rakkisu. Kana jechuun tokkon tokkoo tarsiimootiif rakkooleen isaan kami, furmaata kamtu kaa'aamef, tarsiimoon kaa'ame haala kamiin rakkoolee furuu danda'uu fi maaliif furmaanni kaa'ame kun furmaatawwan biroo irraa filatame fi kkf haala salphaa ta'een hubatamu. Ibsi tarsiimoowwan adda addaa(tokkon tokkoo tarsiimoowwanii kan fayyadan karoora waliigalaa mirkaneessuu fi tarkaanfii itti aanu eegaluuf.

Argannoowwan Xiinxala Ciminaa, Hanqina, carraalee fi HudhaaleeWalsimsiisuu

Tarsiimoo keessan qopheessuu keessatti, ragaalee xiinxala Ciminaa, Hanqina, carraalee fi yeroon kan murtaa'e (SWOT) tiin walitti fiduu barbaachisa. Kun kan fayyadu tarsiimoowwan haalota qabatamaa dhaabbata keessanii jiran irra akka maddanii fi barbaachisummaa tarsiimoo mirkaneessu.

1. Carraaleen jiran cimina caalatti fooyessu (Carraalee + Cimina)
2. Hanqinoota furuuf Carraalee jiran fayyadamuu (Carraalee + Hanqinoota)
3. Hudhaalee (Threats) irra aanuuf carraa gaarii fayyadamuu (advantage) (Hudhaalee + cimina)
4. Hudhaalee irraa bilisa ta'uuf dadhabinoota (weakness) irratti hojjechuun dadhabinootaa fi dhiibbawwan isaa ilaalcha keesa galchuu.

Tartiiba kana keessatti, jalqaba kaayyoo tarsiimoo dhimmota tarsiimoo irraa qopheessaa. Kaayyooleen tarsiimoo tarsiimoowwan isaanii/tokkon tokkoo kaayyoowwanii bocuuf oolu. Kunis kan ta'u tarsiimoowwan, argannoowwan xiinxala ciminaa, hanqinoota, carraalee fi hudhaalee (SWOT) waliin walitti qindeessuu dhaan. Fakkeenyi akka kanaa gadiitti kennameera.

Kaayyoo Tarsiimo'aa: Dhaabbatichaaf Deeggarsi Maallaqaa Hatattamaan akka Argamu Mirkaneessa

	Cimina (Keessoo)	Dadhabina (Keessoo)
Carraa (Ala)	Tarsiimoo 1	Tarsiimoo 2
	Carraa + Cimina Fakkeenyaf: Carraa deeggarsa namoomaa deeggartoota Idil addunyaa irraa yeroo ammaa dabalaa dhufe fayyadamuudhaan, kutannoo olaanaa hojjattootaa fayyadamuun deeggarsa maallaqaa kallattiin toora intarneetii irratti hudaa'e (mail based) walitti qabuudhaaf tarsiimo/tooftaa bocuun ni danda'ama.	Carraa + Dadhabina Fakkeenyaf: tola ooltota eebbifamtoota haaraa hedduu yeroo ammaa kana jiran fayyadamuudhaan, hanqina dandeettii deeggarsa walitti qabuu dhaabbilee guutudhaaf tarsiimon bocamuu danda'a. a strategy can be formulated to fill the organizational gap of lack of fundraising skills.
Hudhaalee (Alaa)	Tarsiimoo 3	Tarsiimoo 4
	Hudhaalee + Cimina Fakkeenyaf: Naannoo sanatti dhaabbata qophaa tajaajila kennu ta'utti fayyadamuudhaan, dorgommii deeggarsa maallaqaa dhaabbilee biraa fudhachuun moo'uf tarsiimoo/ tooftaa bocuun ni danda'ama.	Hudhaalee + Hanqina Fakkeenyaf: Dorgommii deeggarsa maallaqaa olaanaa ta'e tilmaama keessa galchuudhaan, qabeenya hatattamaa walitti qabuu irratti sagantaalee ijaarsa dandeettii hojjattootaf taasisuudhaf tarsiimoo/tooftaa bocuun ni danda'ama.

Gabatee 11: Gabatee Walitti Hidhamiinsa Cimina, Dabina, Carraa fi Hudhaalee (SWOT)

Akkuma gaatee armaan olii irratti kenname haala qabatamaa alaa fi keessoo dhaabbataa irratti hundaa'un tooftaalee garaagaraa bocuun ni danda'ama. Haa ta'u malee, hojimaatni sadarkeessuu/duraa duuban kaa'uu/ karaa tooftaalen bu'a qabeessa ta'an karoora keessatti itti hammatamu jiraachuu qaba. Kannen armaan gadii meeshaalee xiinxala Siyaasaa, diinagdee, hawaasummaa, teeknooloojii, naannoo fi seera (PESTLE) irratti hundaa'un tooftaalen/tarsiimoon kee bu'aa qabeessa ta'uu fi dhiisuu madaaluuf gargaaraniidha.

Tarsiimoo/Tooftaalee Filataman madaaluu

	Sadarkeessuu	Qabxii
	O=Olaanaa	**3**
	G=Giddu galeessa	**2**
	G.A=Gad-Aanaa	**1**
	F=Dhimmichi kan hin fudhatamane	**0**
fudhatamane		

Tarsiimoo/ Tooftaalee	Hawaasummaan Bu'a Qabeessa	Seeraan Bu'a Qabeessa	Diinagdeen Bu'a Qabeessa	Teeknikaan Bu'a Qabeessa	Siyaasan Bu'a Qabeessa	Qabxii Waliigalaa	Qabxii Waliigalaa
Filannoo1							
Filannoo2							
Filannoo3							

Gabatee 12: Gabatee Bu'a Qabeessummaa Sadarkeessuu

Samuda/Fakkeenyaa (Sample) Karoora Gochaa Tarsiimo'aa

Lakk	Dhimma Tarsiimoo	Gocha Yaadame	Eenyutu Itti Gaafatama?	Gabatee Yeroo (Yeroo Itti Raawwatamu)			2021
				2023	2024	2025	
1	Koorniya Idileessuu (mainsteamig) irratti andeettii hojjattootaa gadi aanaa.	Qajeelfama koorniya idileessuu qopheesssuu fi leenjii leenjistootaa hojjattoota filatamaniif laachuu.	Garee hoggansaa olaanaa mana hojichaa, gorsaa fi kutaa sagantaa.	X	X		Qar. 300,000

Gabatee 13: Samuda/fakkeenya Karoora Gochaa Tarsiimo'aa

Tarsiimoon dhuunfaa erga bocamee booda hojiin garee karooraa, karoora tariimo'aadhaaf kaka'umsa waliigalaa gubbaa fi hanga jalaatti uumudha. Mata dureewwan ijoon tarsiimowwanii/tooftaalee maali? Itti waamamni(denominator) waloo ni jiraa? Itti waamamni(denominator) waloo kuni akkamitti qooda fudhattoota keessoo hundaaf sirrittii akka ifa ta'ee fi jijjiiramni barbaadamu akka dhufu fi gammachuu barbaachisaa fi kutannoo fidaa?

Baldhinaa fi caasaa dhaabbatichaa irratti hundaa'uun, waliigaltee fi aangoo gama hedduu uumun baay'ee barbaachisaa ta'uu danda'a. Karaan inni tokko jalqaba gaggeessitoota olaanoo fi boordii(yaa'ii waliigalaa) irraa waliigaltee baldhaa argachuu barbaachisa, kanaafis gaheen gaggeessitoota garee ammas barbaachisaa ta'a. Inni/isheen karoora dhiyeessuu qaba/di, akkasumas filannoo taasifame ibsuu fi ittisuu danda'uu qaba/di. Eeyyama gaggeessitootaa argachuudhaaf yeroo gahaa qabaachun, obsaa fi amala jijjiiramaa(flexibility) qabaachun barbaachisaadha. Akkasumas karoora irratti jijjiiramni taasifamuu danda'a, kunniin garuu sirritti falmiin kan irratti taasifame, kan dhugoomu fi faayidaa fi ergama dhaabbatichaatin kan walsimu ta'uu qaba yookaan haalichi kan baarbaadu yoo ta'e. Deeggarsa baldhaa fi eeyyama gaggeessitoota olaanoo irraa argachuun caalmatti bu'a qabeessa waan ta'eef, gareen karooraa tarsiimoo/ tooftaa/ jalqaba ofiisaaf dhiyeesse dirqamaan hojirra akka oolu gochuu jijjiiramaa (flexible) fudhachuun bu'aa qaba.

Qabiyyee karoorichaatiif gaggeessitoota irraa eeyyamni sirnaa erga argamee booda, deeggarsi baldhaan dhaabbata irraa argamuu qaba. Walgahiin hojjattootaa fi qooda fudhattootaa dhimma kanaaf barbaachisa. Hubannoo, deeggarsaa fi kutannoo qooda fudhattoota adda duree keessaatiin alatti, hojirra oolmaan karooraa milkaa'uu dhiisuu danda'a. Asittis, falmii yookan odeeffannoo bu'aa qabeessa fi muuxannoowwan karoora keessatti hanga ammaa hin dabalaminiif jijjiirama tokko tokko raawwachuun akka danda'amuuf qophiin karooraa ammas banaa ta'uu qaba. Deeggarsa gubbaa fi garjallaadhaa argachuudhaaf, ifa ta'uun, yaada gaarii (positive) qabaachuufi kominikeeshinii hawwataan ijoodha. Meeshaalee agarsiisaa (visual) (giraafiwwan, gabateewwanii fi fakkiiwwan) irratti dabalataan sagaleen gaari fi amansiisaa ta'e gaggeessitootni fi bu'uurri dhaabbatichaa karooricha akka fudhatan jajjabeessudhaaf barbaachisaadha.

Tartiiba 3 Karoora Tarsiimo'aa Keessatti Koorniya Idileessuu

Kaayyoolee:

Dhuma kutaa kanaatti, hirmaattotni

- Karoora tarsiimo'aa keessatti koorniya idileessuu ni hiiku/ibsu
- Karoora tarsiimo'aa keessatti koorniya idileessun akkamitti akka raawwatamu/galma gahu ni ibsu

Tooftaa: Marii, barreeffama dhiyeessuu fi yaada maddisiisuu (Brainstorming)

Meeshaalee Barbaachisan: Filiip Chaartii, Maarkarii/qalama fi Piroojektarii

Gocha: 3.17:

Hirmaattotni gaafilee yaadaa maddisiisuu (brainstorming) armaan gadii kanniin gareedhan akka mari'atanii fi argannoo isaani gama bakka bu'aasaanitiin akka dhiyeessan taasisi.

- Koorniya idileessuu jechuun maalidha?
- Karoora tarsiimo'aa keessatti koorniya akkamitti idileessina?

Daqiiqaa 30

Yaadanoo Haala Mijeessitootaaf: Hirmaattotni marii garee fi barreeffama isaanii dhiyyeessanii erga xumuran booda maricha qabxiilee ijoo armaan gadiitin goolabi.

Ilaalchi koorniya idileessuu jedhu adeemsa seera, imaammata yookaan sagantaalee naannoo kamiiyyuu fi sadarkaaleehundaa dabalatee tarkaanfii karoorfame kamiiyyuu dubartoota, dhiirota, ijoollee dhiiraa fi shamarran irratti dhiibbaa akkamii akka qabu sakatta'uu fi hammachiisuti. Kunis dubartootni fi dhiirotni akkasumas ijoollen dhiiraa fi shamarran walqixa fayyadamoo akka ta'anii fi walcaalchisuun akka hin jiraanneef tarsiimoo/tooftaa yaada fi muuxannoowwan dubartootaa fi shamarranii akkasumas dhiirotaa fi ijoollee dhiirotaa qaama dizaayinii, hojirra oolmaa, hordoffii fi gamaaggama siyaasa, diinagdee fi hawaasummaa ta'uun imaammataa fi sagantaalee keessatti hammatamaniidha.

Qajeeltowwan shanan armaan gadii hojiilee koorniya idileessuu fi tarkaanfii hojirra oolmaasaanitiif dhugaa qabatanii jiru.

1. Afaan Falmii Mirga Dubartootaa(Feminism)

Barreeffamoota dubartootni, dhiirotni, shamarranii fi ijoollen dhiiraa dirqama walqixa muldhachuu akka qaban ibsan/dubbatan. Meeshaalen/barreeffamootni sab-qunnamtii hawaasummaa yeroo qophaa'an filannoo fakkiiwwan dhimmoota koorniyaan walqabataniif xiyyeeffannoon kennamuu qaba.

2. Ragaalee Koorniya Qofarratti Xiyyeeffatan Funaanuu fi Xiinxaluu

Ragaalen yeroo funaanamu, xiinxalaman fi dhiyaatan saalan/koorniyaa fi ilaalcha hawaasummaa kan akka umrii, sabaa, galii fi yoo danda'ame sadarkaa barnootaatin caccabee/adda bahee dhiyaachuu qaba.

3. Tajaajiloota Walqixa Argachuu fi Fayyadamuu

Tajaajilootni fi oomishootni dubartoota, dhiirota, shamarranii fi ijoollee dhiiraa irratti dhiibbaa addaa qabaachun isaanii sakatta'amuu qabu. Tajaajilota eenyu akka fayyadamu (dubartoota yookan dhiira, ijoollee dhiiraa yookan shamarran yookan hunda)? Maamilootni eenyu fa'a (dubartoota yookan dhiira, ijoollee dhiiraa yookan shamarran yookan hunda)? Gareen xiyyeffannoo eenyu? Dubartootni, dhiirotni, ijoollee dhiiraa fi shamarran fedhii garaagaraa qabuu?

4. Murtee Kennuu Keessattii Dubartootni fi Dhiirotni Walqixa Hirmaatu

Sadarkaa murtee kennuu hunda irratti reeshoo koorniyaa madaalawaa ta'eefxiyyeeffannoo kennuun galmoota dirqama ta'aniidha. Tarkaanfiwwanii fi tooftaaleen reeshoo koorniyaa madaalawaa ta'eetti xiyyeeffatan sadarkaalee kenniinsa murii hundatti fudhatamuu qabu.

5. Adeemsa koree hoggansaa (steering) keessatti Walqixa Tajaajilamuun Hammatameera

Daangawwan dubartootaa fi dhiirotaa, ijoollee dhiiraa fi shamarranii garaagaraatiif xiyyeeffannoo kennuun milkaa'ina, bu'aa qabeessummaa fi itti fayyadama hojjattootaa fi maallaqaa ni dabala. Xiyyeeffannowwan namootan walqabatan hundi karaa walqixummaa guututiin ibsama.

Tartiiba 4 Karoora Tarsiimo'aa Keessatti Eegumsa Daa'immanii Idileessuu

Kaayyolee: Dhuma kutaa kanaatti hirmaattotni

Yaadrimee Eegumsa daa'immanii karoora tarsiimo'aa keessatti ni ibsu.

Karoora tarsiimo'aa keessatti eegumsi daa'immanii akkamitti akka idilaa'u ni ibsu.

https://www.wien.gv.at/english/administration/gendermainstreaming/principles/five-principles.html>[Accessed15September

Tooftaa: Marii, Barreefama dhiyeessuu, yaada maddisiisuu

Meeshaalee Barbaachisan: Filiip Chaartii, Maarkarii, Piroojektarii

Gocha 3.18:

Kutaa/Daree (yaa'ii) keessatti hirmaattotni gaafilee yaada maddisiisuu armaan gadii irratti akka mari'atan taasisi.

- Eegumsa daa'immanii jechuun maal jechuudha?
- Karoora tarsiimo'aa keessatti eegumsa daa'immanii akkamitti idileessina?

Daqiiqaa 20

Yaadannoo Haala Mijeessitootaaf: Qabxiilee armaan gadii kanneen fayyadamuudhaan maricha guddunfi.

Eegumsi daa'immanii " Dirqama dhaabbileen hojjattootni isaanii, hojii fi sagantaalen isaanii daa'imman irrtti miidhaa akka hin geessisne itti mirkaneessan, daa'imman miidhaa balaa fi sarbamuudhaf akka hin saaxille fi yaanni kamiiyyuu waa'ee nageenya daa'immanii ilaalchisee dhaabbatni hawaasa keessatti hojjatu qaama angoo sirrii qabuuf gabaafamuu qaba."

Qajeeltowwan (Principles) Waliigalaa Eegumsa Daa'immanii

Istandaardin eegumsa daa'immanii tuuta qajeeltowwan armaan gadii irratti hundaa'a.

- Daa'imman hundi miidhaa irraa ittifamuudhaaf mirga walqixaa qabu.
- Qaamni kamiyyuu ittisa/eegumsa daa'immaniitiif deeggarsa taasisuudhaaf dirqama qaba.
- Dhaabbileen isaan waliin hojjatan, walqunnamtii qaban yookaan hojii fi sochii isaanitiin miidhaman kunuunsudhaaf dirqama qabu.

Dhaabbileen miiltowwan/michoota biroo waliin hojjatan, michootni ulaagaa gadi-aanaa eegumsa daa'immanii akka guutan deeggaruudhaaf dirqama qabu.

Faayidaalee Istaandardii Eegumsa Daa'immanii Idileessuu

- Daa'imman eegumsa ni argatu.
- Hojjattootni dhaabbataa fi firootni isaanii eegumsa argatu.
- Dhaabbatnii fi maqaan gaarin isaa ni eegama.

Tartiiba 5 Karoora Tarsiimo'aa Keessatti Dhimma Naannoo Idileessuu

Kaayyoo:

Dhuma kutaa kanaatti, hirmaattotni

Yaadrimee karoora tarsiimo'aa keessatti dhimma naannoo idileessu jedhu ibsuu danda'u

Karoora tarsiimo'aa keessatti dhimmi naannoo akkamitti akka idilaa'u ibsuu danda'u

Tooftaa: Marii, Barreeffama dhiyeessuu fi yaada babaasuu.

Meeshaalee Barbaachisan: Filiip Chaartii, Maarkarii/qalama, Piroojektarii

Gocha 3.19:

Hirmaattotni kutaa/daree/Yaa'ii/ keessatti gaafilee yaada maddisiisuu armaan gadii irratti akka mari'atan taasisi.

- Dhimma naannoo idileessuu jechuun maal jechuudha?
- Karoora tarsiimo'aa keessatti dhimma naannoo akkamitti idileessina.

Daqiiqaa 20

Yaadannoo Haala Mijeessitootaaf: Qabxiilee ijoo armaan gadii kanneenin maricha guduunfi.

Hoggansi/Bulchiinsi qabeenya naannoo badaan kan akka too'annoo dadhabaa balaa faalama qilleensa naannoo fi rakkoo/qormaata/ naannoo kan akka jijjiirama qillensaatiif deebii gahaa kennuu dhadhabuun misoomaf hudhaadha. Yaadotni dhimma naannoo akkasii kunniin jaarmiyaale fi murtiiwwan keessatti baldhinaan hammatamuu yookan idilaa'uu qabu.

Sgantaalee misoomaa/guddinnaa keessatti dhimma naannoo hammachiisun /idileessun/ adeemsa xiinxala sochii haaraa naannoo uumamaarratti fi miidhaa isarra gahu mala salphisuu yookan ittisuu ilaaludha. Sababni dhimma naannoo idileessuun barchaachisaa ta'eef diinagdee, misoomni hawaasummaafi naannoon bu'uuran hidhata qabaachuu isaatini – karaannuti hawaas-diinagdee, hawaas-siyaasaa fi aadaa hawaasa fi dhaabbilee isaan keessummeessanitti hoggannu dhibbaa addaa kan qabu yoo ta'u, qulqullinni naannoo fi itti fufiinsi ammoo raawwii diinagdee fi nageenya hawaasummaatiif murteessadha. Kanaaf dhimma naannoo hammachiisuunii fi idileessun karoora misoomaa fi imaammata bocuu keessatti adda dureedha. Waan kana ta'eef, adeemsa qophii karoora tarsiimo'aa fi karoorri keenya dhimmi naannoo sadarkaa barbaadamutti idilaa'uu/hammatamuu mirkaneessuu danda'uu qaba.

Tartiiba 6 Karoora Tarsiimo'aa Keessatti Dhimma Miidhama Qaamaa Idileessuu

Karoora tarsiimo'aa keessatti dhimma qaama miidhamummaa idileessun adeemsa karoora hunda keessatti, jalqaba qophii galmootaa fi kaayyoolee irraa eegalee hanga hojirra oolmaa fi gamaaggama tarsiimotti yaadotaa fi ilaalchota qaama miidhamummaa hammachiisuu jechuudha. Tarkaanfiwwan muraasni dhimmoota qaama miidhamummaa karoora tarsiimo'aa keessatti akka hammachiiftu/idileessitu si gargaaran kunooti:

1. **Dhimmoota qaama miidhamummaa irratti hubannoo ifa ta'e qabaachuu:** Kunis akaakuwwan miidhama qaamaa garaagaraa, namoota dhuunfaa irratti dhiibbaa isaan qaban, fi haalawwan garaagaraa keessatti gufuuwwan qaama miidhamtoota qunnaman irratti beekkumsa argachuu dabalata.
2. **Duraa- duuba (priority) fi galmoota qaama miidhamummaa waliin walqabatan adda baasuu:** Immaammatoota, qajeelfamootaa fi seerota dhimmoota qaama miidhamummaan walqabatanii jiran gamaaggamuudhaan/ilaaludhaan, dhimmota dursi kennamee fi galmoo ijoo fedhii fi hawwii namoota miidhama qaamaa qabanii calaqqisiisan adda baasuu.
3. **Adeemsa Karooraa keessatti namoota miidhama qaamaa qaban hirmaachisuu:** Adeemsa qophii karooraa sadarkaa hundaatti, galma kaa'uu, tarsiimoo qopheessuu fi gamaaggama dabalatee, namoota miidhama qaamaa qabanii fi dhaabbilee isaan bakka bu'an irraa galtee fi duubdeebii barbaadu.
4. **Sakatta'iinsa dhiibbaa qaama miidhamummaa gaggeessuu:** Dhiibbaa tarsiimoo fi kaka'umsi haaraan (initiatives) namoota miidhama qaamaa qaban irratti fidu sakatta'uu fi gufuuwwanii fi balaa innii geessisu adda baasuu.
5. **Adeemsa karooraa keessatti yaadota (considerations) qaama midhamummaa hammachiisuu:** Yaadotni qaama miidhamummaa adeemsa qophii karooraa hunda keessatti, ragaa(data) funaanuu, xiinxaluu fi murtee kennuu keessatti hammatamuusaanii mirkaneeffachuu.
6. **Hammatamuu qaama miidhamtootaa deeggaruuf qabeenya ramaduu:** Hojirra oolmaa tarsiimoo fi kaka'umsa haaraa (initiatives) qaama miidhamtoota hammate deeggaruudhaaf qabeenya ramaduu fi sirna diriirsuu.
7. **Dhiibbaa tarsiimoo qaama miidhamummaa hammatee hordofuu fi gamaaggamuu:** Yeroo hunda dhiibbaa tarsiimoo fi kaka'umsi haaraan (initiatives) namoota miidhama qaamaa qaban irratti qaban hordofuu fi gamaaggamuu, fi bu'a qabeessaa fi fedhii hawaasatiif deebii kan kennan akka ta'an akka barbaachisummaa isaatti sirreeffama taasisuu.

Dhimmoota qaama miidhamummaa karoora tarsiimo'aa keessatti hammachiisudhaan/idileessudhaan, dhaabbileen qaama miidhamtootni adeemsa murtee kennuu keessatti hammatamuu isaanii, akkasumas fedhii fi ilaalchi isaanii misooma fi hojirra oolmaa tarsiimoo fi kaka'umsa haaraa keessatti akka hammatamu taasisa.

Karoora Tarsiimo'aa waggaa3-5 Bocuu/Qopheessuu (Formulating the SP)



Tartiiba 1 Karoora Tarsiimo'aa Bocuu

Kaayyoowwan: Dhuma kutaa kanaa booda, hirmaatonni kanneen ni hubatu

Adeemsotaa fi hojiilee karoora tarsiimo'aa bocuuf barbaachisan ni tarreessu.

Gahee fi kutannoo dhaabbileenii fi qaamolee adda addaa karoora tarsiimo'aa qopheesuuf qaban irratti ibsa ni kennu.

Karoora tarsiimo'aa dhaabbbata isaanitiif ni bocu.

Tooftaa: Marii garee, barreeffama dhiyeessuu, yaada maddisiisuu, sanada samudaa/fakkeenyaa

Meeshaalee barbaadamu: filiip chaartii, Barreesituu (Markeerii), Piroojektarii

Gocha 3.19:

Hirmaattonni garee isaanitiin qabxiilee kanaa gadii irrati yaada isaanii akka ibsan/kennan fi hirmaattota biroof akka dhiyeessan taasisi.

Adeemsotaa fi hojiilee karoora tarsiimo'aa bocuuf barbaachisan tarreessaa.

Gahee fi kutannoo dhaabbileenii fi qaamolee adda addaa karoora tarsiimo'aa qopheesuuf qaban irratti mari'adhaa.

Daqiiqaa 100

Yaadannoo Hirmaatotaaf: Gubbaadhaa hanga ammaatti adeemsa dhimmoota karoora tarsiimo'aa qopheessuu ilaalaa as geenye. Kana sammuutti qabachuun,yaada hirmaattotaa dhageefadhu. Sadarkaa hubannaa isaanii fi qophii isaan karoora tarsiimo'aa qopheessuuf qaban murteessuu dandeessa. Qayyabannoo isaanii irratti hundaa'uun qabxiilee armaan gadii adeemsa karoora tarsiimo'aa qopheessuu isaaniif dhiyeessi.

Irra deddeebiin akka ibsametti,tarsiimoon kan qopheefamu dhimmoota tarsiimo adda baahaniif furmaata kennuufi.Deebii dhaabbileen siivilii hawaasaa/dhaabbilee dubartootaa rakkoolee bu'uuraan isaan mudatan ni ibsu.

Malli bu'aa qabeessi tarsiimoo qopheesuu kan eegalu gareen/koreen karooraa gaaffilee armaan gadii shan tokkon tokkoo dhimmota tarsiimoo dura adda baafamaniif deebii yoo kennanii dha.

- Wantoonni filannoof dhiyaatan kan tarii dhimmoota tarsiimoo galmaan gahan maali?
- Hudhaaleen filannoo kanneen raawwachuuf jiran maal fa'a?
- Sagantaalee/Piroojektiin hudhaalee kanneen furuuf tarii hojjetaman jiruu?

Gochoonni gurguddon waggootan 3-5 dhufan sagantaalee/piroopozaala raawwatuu qaban maal fa'a?

Sagantaawwan raawwachuuf tarkaanfiiwwan murtaa'an ji'ootan 6n itti aanan dirqamatti fudhatamuu qaban maali? Eenyutu raawwata?

Gaaffiilee qopheessitan erga deebistanii booda, tarsiimoo tokko/murtaa'e filannoowwan kennaman keessa filachuun barbaachisaa dha.

Ulaagaalee kanneen kaa'uun tarsiimoo jiran malaaduun ni danda'ama.

- Fudhatama qabaachuu(Acceptability)qooda fudhatoota ijoo
- Jijjiirama fayyadamtoota tajaajilaa ykn fayyadamtootaa
- Walitti dhufeenya karoora tarsiimo'aa waliin qabu

- Qindoomina tarsiimoowwanii, sagantaalee fi piroojektoota biroo waliin qabu.
- Bu'aa qabeesummaa(feasiblibility)
- Baasii fi faayinaansii
- Sadarkaa sodaa
- Jijjiiramaa yeroo eeggatee fi dheeraa
- Hojjetoota barbaachisu
- Haala mijataa fi leenjii barbaachisu

Qajeeltoowwan Karoora Tarsiimo'aa Bocuu

Karoora tarsiimo'aa qopheessuudhaf tarkaanfiwwan afurtu jira. Isaanis:

- Mul'ata waliinii uumuu fi kaayyoolee dhaqabaman kaa'uu
- Dhimmoota tarsiimoo'aa murteessuu
- Dhimmoota filatamoo(alternative)murteessuu
- Maloota barbaadamoo filachuu

Akkamitti maloota filatamoo madaaluuf fi filachuun danda'ama? Erga tarsiimoo (strategies) jiran tartiibesaniin booda,isaan akkaataa ulaagaalee baayyee barbaachisummaa isaaniitiin madaaluun barbaachisaa dha.

Gocha 3.20:

Gareewwan akka sagantaa tarsiimo'aa dhaabbata isaanii qopheessan jajjabeessi. Akka isaan xiinxala barannoowwan kana dura hojjetan irratti akka xiyyeefatanii fi qajeelfamoota armaan oliitti kenname yaa fayyadaman. Kana booda hojii isaanii yaa dhiyeessan.

Tartiiba 2 Karoora raawwii qopheessuu (Preparing Implementation Plan)

Kaayyoowwwan: Barannoo kana booda, hirmaatonni qabxiilee karoora tarsiimo'aa qopheesuu gabaabinaan ni ibsu.

Tooftaa: Yaada maddisiisuu fisanada fakkeenyaa/samudaa

Meeshaalee barbaadamu: Kompitara,Piroojektarii

Gocha 3.21:-

Gaaffii kanaa gadii irratti hirmaatonni yaada akka kennan gaafadhu.

Barbaachisummaan karoora raawwii qopheessuu karoora tarsiimo'aaf qabu maali?

Daqiiqaa 10

*Yaadannoo Haala mijeesitootaaf:*Erga duubdeebii hirmaatotaa funaanteen booda yaadannoo kanaa gadiin qabxiiee cuunfi.

Karoorri raawwii waggoota 3-5 kan of keessatti hammatu, tajaajiloota, sagantaalee/piroojektii fi hojiilee ijoo waggootan 3-5 hojjetamanii dha. Karoorri raawwii

- Galmaa fi kaayyoowwan ijoo kana dura kaa'amaniin wal qunnamuu qabu.
- Haala qabatamaa qindeessuu, hordofuu fi madaaluu irratti ibsa gahaa kennu.
- Hojiilee ijoo waggottan 3-5 keessatti hojjetamuuf karoorfaman ibsu.
- Galma, kaayyoowwan fi tarsiimoo dhaabbilee irraa maddu.Akkasumas hojiilee ijoo adda baasuun kallatiiwwan karoora tarsiimo'aaf gahee qabu.
- Tarsiimoo jiran/filatamoo fi kaayyoolee gara gochaatti jijjiiruu, garuu hojiilee tartiibessuu,yeroo isaanii kaa'uu fi sagantaa isaan itti raawwataman isaaniif qopheessuu dha,

Tartiiba 3 Akkamitti Karoora hojiitti jijjiirra?

Kaayyoo: Xumura barannoo kana booda, hirmaatonni akaataa karoora tarsiimo'aan raawwatamuu fi adeemsa hooggansa isaa ni ibsu.

Tooftaa: Yaada Maddisiisuu, saamuda ragaalee

Meeshaa barbaadamu: Kompiitara, LCD

Gocha 3.22:

Hirmaatonni gaaffii kanaa gadii irratti akka ibsa kennan gaafadhu.

- Akkamitti karoorri tarsiimo'aan milkaa'inaan raawwatamuu isaa beekna?

Daqiiqaa 10

*Yaadannoo Haala mijeesitootaaf:*Erga duubdeebii (feedback)hirmaatotaa funaanteen booda,akaataa armaan gadii kanaan cuunfaa qopheessi.

- Ilaalchi dogongoraa baratamaan karoora tarsiimo'aan yoo qopheefame, karoorri ni xumurama isa jedhuu dha. Dhugaan jiru garuu, karoorri tarsiimo'aan yoo qopheefame ykn hojjetame karoorri ni eegala.
- Yaadadhu,karoora raawwachuun,hordoffii gochuun,gidduun jijiiirama murtaa'e gochuun(tarsiimoo dhimmota hatamtamaa itti dabaluu) fi karoora fooyyesuun qaama hojii karoora tarsiimo'aa fi adeemsa hooggansaa ti.
- Tarsiimoo fi kallattiin karoora tarsiimo'aa waggootan dhufanii kaayyoolee fi baajata waliin wal simachuu isaa mirkaneefadhaa. Karoorri gaariin gochoota/hojiilee ciccimoo barbaadu. A good plan needs solid implementation actions. Yoo xinnaate ji'a jahatti al tokko madaaluu danda'uu qabna.

V. QABEENYAKAROORSUU (RESOURCEPLANNING)

Qabeenya malee, karoora bocuun waan hin yaadamne. Qabeenya humna namaa, Maallaqa, meeshaalee, fi yeroon qabeenyota waliigalatti hojiilee hojjechuuf nu fayyadanii dha. Kanaafuu, qabeenyaalee adda baasuun adeemsa qabeenya qabnu beekuu, tilmaamuu fi karaa sirrii ta'een ramaduuti.



Qabeenya malee, karoora bocuun waan hin yaadamne. Qabeenya humna namaa, Maallaqa, meeshaalee, fi yeroon qabeenyota waliigalatti hojiilee hojjechuuf nu fayyadanii dha. Kanaafuu, qabeenyaalee adda baasuun adeemsa qabeenya qabnu beekuu, tilmaamuu fi karaa sirrii ta'een ramaduuti.

Tartiiba 1 Barbaachisummaa qabeenya Karoorsuu

Kaayyoowwan: Barannoo kana booda, hirmaatonni adeemsa ykn tartiiba fi barbaachisummaa qabeenya karoorsuu sirriiti ni ibsu.

Tooftaa: Yaada Maddisiisuu, marii fi saamuda/fakkeenya dhiyeessuu

Meeshaalee barbaachisan - Kompiitara, Piroojektarii

Gocha 3.23:

Hirmaatonni gaafilee kanaa gadii irratti yaada isaanii akka laatan gaafadhu.

- Barbaachisummaan qabeenya karoora tarsiimo'aa keessatti karoorsuu maali?
- Qabeenyaawwan ijoon karoora keessatti hammatamuu qaban maal fa'a?
- Waa'ee baajata/karoora tarsiimo'aa maal hubattan?

Daqiiqaa 45

Yaadannoo Haala mijeesitootaaf: Mathe plenary discussion on the reflections from the participants, discuss on the points given below and the contents of Table

Qabeenya humna: Karoora humna namaa waggoota 3-5

Qabeenyaawwan hundi armaan oliitti ibsaman, karoora tarsiimo'aa qopheessuuf baay'ee barbaachisaa dha. Garuu, qabeenyi tokko kan biroo irratti dursi hin kennamu, xiyyeefannaan hundaaf kennamu qaba.

T/L	Waajjira tajaajilaa	Humna namaa mirkanaa'e	Kan amma jiran		Hojjetoota waggootan sadeen dhufaniif barbaachisu					
			Ogeeyyii	Deeggartoota	2022		2023		2024	
					Ogeeyyii	Deeggartoota	ogeeyyii	Deeggartoota	ogeeyyii	Deeggartoota
1	Kutaa/ Muummee Sagantaalee (Program Department)									

Gabatee 14: Xiinxala karoora Humna Namaa

Qabeenya Maallaqaa (Financial Resources)

Qabeenyi maallaqaa, qabeenya dhaabbileen piroojektii, kaapitaala fi hojiilee yeroo ammaa kanaa ittiin dalagan faayinaansii/maallaqaan deeggaranii dha.Baajatni tarsiimo'aan itti dhiheenyaan xiinxala baajata sagantaalee, karoorawwan fi hojiilee tarsimoo dhaabbatichaa gaafata.

- Tilmaamni baajataa tarsiimoo qopheessuu, filachuu fi karoora bal'aa raawwii galmaa, kaayyoolee fi hojiilee ijoo walii galaa dhabbatichaa ni dursa. Kana jechuun tilmaamni baajata dursamee hojjetamuu qaba. Kanaan booda kan itti fufu tilmaama baajata raawwii baayyee dhugoomuu danda'uu ti.
- Garuu, Hooggantoonni olaanoo baayyeen dogongoraan adeemsi baajataa qopheessuu akka faayinaansii shaakaluu ti jedhanii yaadu. Kan ta'uu qabu garuu qaama raawwatoota adeemsa baajataa ta'uu barbaachisaa dha.
- Tarsiimoo baajataa gaariin kalattiidhaan tarsiimoo raawwii waliin kallatiin wal qunnamu, haalota kanaa gadii guutuu qabu.
  - Hooggansi olaanoon kutannoo cimaa baajata tarsiimo'aa fayyadamuu danda'uu qabachuu qabu.
  - Baajatni kamuu kan bu'uurefatu kaayyoolee fi tarsiimoo dhaabbatichaa Irra deebiin ilaaluun (rewiew) idilee raawwiiwwan hojjetamaa jiranii baajata waliin wal bira qabuun hojjetama.
  - Hooggansi sadarkaa hundaa garaagarummaa baajataa ibsuu danda'u.
  - Dhaabbileen dandeettii qabeenya isaanii hojiilee kan biroo caalaa dursi kennamuufii qabuuf irra deebiin jijjiiruu ykn ramaduu qabaachuu fi tarsiimoo haarawa itti dabaluu danda'u. Sababni isaa jijjiiramni tarsiimoo yeroo hundaa jijjiirama baajataa waliin dhufa waan ta'eef.


T.L	Madda baajataa(Maallaqaa)	Baajata Waggaa barbaachisu			Ida'ama	Yaada
		Waggaa 1	Waggaa2	Waggaa 3		
1	Arjoomtota					
	Baasii Piroojektii					
	Baasii hojii raawwachiftuu					
2	Qabeenyota biroo					
	Walii Gala					

Gabatee 15: Karoora baajataa waggoota sadii- shanii

Fakkeenya qabeenyaa meeshaalee karoorsuu

Lakk	Meeshaa barbaachisu	Waggaa 1	Waggaa 2	Waggaa 3	Yaada

Hordoffii, gamaaggamaafi Hoggansa Sodaa (Monitoring, Evaluation and Risk Management)



Gabatee 16: Karoora qabeenya meeshaalee waggaa 3-5

Tartiiba 1 Hordoffii fi Gamaaggama

Kaayyoolee:

Dhuma kutaa kanaatti hirmaatonni barbaachisummaa Hordoffii fi Madaallii karoorsuu fi raawwachuu karoora tarsiimowaa keessatti ni ibsu.

Tooftaa : Mariiyaada maddisiisuu fi saamuda(sample) dhiyeessuu

Meshaalee barbaachisan:-Kompiitara,piroojektarii

Gocha:-Hirmaattonni gaaffilee armaan gadii irratti yaada isaanii akka ibsan gaaffadhu.

Maaliif Hordoffiii fi Madaalliin ijoo raawwii Karoora tarsiimowaa ta'an?

Daqiiqaa 15

Yaadannoo Haala Mijeesitootaaf:

Gamaggama(Monitoring) jechuun walitti fufiinsaan ragaa haala fayyadama galteewwanii(inputs) fi haala itti jijjiirama bu'aawwan isaanii (outpts) funaanuu, xinxaluu fi hiikuu ti.

Madaallii(Evaluation) jechuun immoo ragaawwan yeroo murtaa'eef raawwii galmaa fi kaayyoolee sagantaa/projektii ykn dhaabbataa safaruuf funaanuu, qindeessuu, xinxaluu fi hiika itti kennuu ti. Madaalliin galmaa fi kaayyoolee raawwii sagantaalee ykn projektootaa safaruuf fayyada.

Gamaggamnii fi Madaallii karoorsuu keessatti,akkamittii fi yoom akka gamaggamni akka raawwatamu ibsuu qabda. Itti dabaluunis yaadota gaggaarii milkaa'ina sagantichaaf fayyadanii fi akkasumas kufaatii fiduu danda'an haalan ibsamuu qabu.

Yaadadhu: Gamaggamnii fi Madaallii raawwii gaariin dhaabbileen kallattii yeroo karoora tarsiimowaa ka'aatan hordofaa jiraachuu isaanii mirkaneessa ta'uu baannaan maaliif ta'uu dide ykn yeroo raawwii maaltu sirraachu akka qabu eeru.

Karoora tarsiimowaa murtaa'e karoorsuu keessatti hordoffii fi madaalliin kan mul'isan;-

- Agarsiiftuu haalaa ijoo kamtu hordofama;
- Akkamittii fi yoom kaayyooleenii fi hojiileen raawwataman hordofamu
- Eenyutu haala fi raawwii hordofa;
- Qabeenyota gamaggamaa fi madaallii gaggeessuuf jiran
- Akkamittii fi yoom gamaggamni sagantaa karoora tarsiimowaa akka gaggeefamu.

Madaalliin sagantaa karoora tarsiimo'aa kan raawwatamu yeroo murtaa'ee qooda fudhatoonni irratti walii galanii fi yeroo baay'ee waggaa waggaadhaan.

Madaalliin gidduu ykn dhuma sagantaa karoora tarsiimo'aa irrattis in gaggeefama.

Tartiiba 2 HoggansaSodaalee (Risk Management)

Kaayyoolee: Dhuma barannoo kana booda hirmaattonni

- Sodaalee fi yaadota karoora tarsiimo'aa keessatti xiyyeefataman ni ibsu;
- Sodaalee fi yaadota karoora tarsiimo'aa yaadannoo karoota isaanii irratti ni tartiibessu.

Tooftaa: Hojii Garee fi Marii

Meeshaalee Barbaachisan: Filiip Chartii, Markerii, Kompiitara, piroojektarii

Gocha 3.24:

Hirmaatota akka yaadannoo karoora tarsiimowaa gocha 3.20 armaan olii irratti hojjetan irra deebiin ilaalan gaafadhu. Akkaataa gocha saniitiin gaafilee armaan gadii irratti yaada isaanii akka kennanii fi deebii akka laatan itti himi.

- Sodaaleen bu'uuraa karoora tarsiimowaa keessaniif jiru jettanii yaaddan maal fa'a?
- Wantoonni gaggaariin karoora tarsiimoowaa keessaniif ni ta'u jettanii yaaddan maal fa'a?

Daqiiqaa 50

*Yaadannoo Haala mijeesitootaaf:*Marii keessaniin booda, qabxiilee armaan gadii ilaalcha keessa galchuun guduunfaa taasisaa.

Yaada keessan keessatti, wantoota gaggaarii karoora tarsiimowaa keessaniif gahee taphachuu danda'an agarsiisaa. Fakkeenya,

- Dhimma arjoomtotaa
- Dhimma Deeggartootaa
- Dhimma mootummaa fi kan biroo

Kana booda, wantoota sodaa ta'uu danda'an (wantoota karoora keessaniin faallaa ykn gaarii hin ta'inii) fi haala isaan itti to'achuun danda'amu agarsiisu qabdu. Sodaalee to'achuun ogummaa hoggansaa kan gaafatuu fi akkaataa rakkoolee, kufaatii dhufan furuun danda'amu irratti xiyyeefannoo kennuun of eeggannoodhaan dhaabbilee damaqsuu ykn kakaasuu danda'uu qaba. Hoggansi naannoo fi tarsiimoo hubachuu fi hordoffii gochuu qaba.

4 BOQQONNAA

KAROORA WAGGAA QOPHEESSUU

YEROO: Sa'aatii 2:00

Kaayyolee: Barannoo kana booda Hirmaattonni

- Barbaachisummaa karoora waggaa qopheessuu ni ibsu
- Akkaataa karoora waggaaf kaayyoolee fi Agarsiiftuuwwan itti kaa'aamu ni ibsuu fi
- Toora bu'aawwan ijoo(Key result areas) fi akkaataa isaan adda baasuun danda'amu ni himu.



Tooftaa: Yaada Maddisiisuu, gaafilee qajeelfamaa irratti hundaa'un marii garee

Meeshaalee: Filiip Chaartii,Qalama/Markarii,P i roojektarii

Gocha 4.1: Hirmaatonni tokkon tokkoo isaanii gaaffilee armaan gadii irratti yaada

isaanii akka kennan gaafadhu. Marichaaf haala mijaataa uumuuf yaadannoo kanaa gadii kana fayyadami.

- Karoora waggaa qopheessuu irraa maal hubattee?
- Karoora waggaa qopheessuu keessatti kaayyoolee kaa'uun maaliif qabxii ijoo ta'e?
- Wantoonni barbaachisoon toora xiyyeefannoo ijoo adda baasuuf barbaachisan maal fa'a?

Daqiiqaa 120

Yaadannoo Haala mijeesitootaaf: Karoorri waggaa karoora waggaa tokkoo kan dhaabbileen hojiilee murtaa'ee fi haalan adda bahan kan karoora walii galaa dhaabbatichaa irraa raawwachuuf karoorfamuu dha. Karoorri kun karoora Faayinaansii/mallaqaa, hojiilee idlee (Physical) fi humna namaa dhaabbileen xiyyeefannoo isaanii waggaa galmaan ga'uuf itti fayyadaman ibsu. Ida'amni karooraalee waggaa kaayyoolee karoora tarsiimowaa waggoota murtaa'an galmaan ga'uu qabu.

Karoora waggaa tarsiimoo irratti hundaa'uun qopheessuuf, dhaabbileen toora xiyeefannoo ijoo addaa baasuu qabu, kaayyoolee kaa'uu fi agarsiiftuuwwan raawwii waggaa safaruuf fayyadan hundeessuu qabu.

Kaayyoo Adeemsa kaa'uu?

Kaayyooleen waggaa gochoota/hojiilee galmaa fi xiyyeefannaa karoora waggaa raawwachuuf ykn galmaan ga'uuf hojjetamanii dha. Kaayyooleen kan dhugoomanii fi safaramuu, akkasumas kan ragaa irratti hundaa'an, yaadoota namoota dhuunfaa fi cunqursaa/miidhaa irraa bilisa ta'uu qaba. Kanaafuu dhaabbileen adeemsa kaayyoo hundeessuu keessatti wantoota kanneen irratti xiyyefachuu qabu

- Mul'ata, ergamaa fi karoora tarsiimo'aa dhaabbataa waliin wal simachuu
- Tooftaalee (maloota) yeroo gabaabaa fi dheeraa
- Maloota hirmaachisoo hordofu kaa'uu(hirmaannaa hojjetoota sadarkaa hundaa)
- Guddinaa fi qabeenyaalee kutaawwan/muummeewwan irratti xiyyeefatan.
- Korniyaaf, furmaata laachuuf,hunda hammachuuf (inclusive) fi hawwii hojjetoota ifa ta'e.
- Walqixxummaa Korniyaa irratti xiyyeefadhaa/Dubartoota gahoomsuu (Women empowerment).
- Gahuumsa namoota dhuunfaa fi waan dhaabbanni dursa kennuuf(priorities) wal simachuu qaba. a

Kaayyoolee kaa'uun kan eegalu sadarkaa hogganaa irraa yoo ta'u kan raawwatamu hirmaannaa hojjetoota hundaan.

Agarsiiftuwwan Kaa'uu

Agarsiiftuuwwan galuumsa karoora waggaa keessaatti safartuu jijjiiramootaa fi foyya'iinsa karoora waggaati. Agarsiiftuuwwan hojiileen karoorfaman raawwatamaa jiraachuu isaanii, kaayyooleen barbaadaman galma ga'uu fi jijjiirama fiduu isaanii beekuuf nu fayyadu. Akaakuuwwan agarsiiftuuwwanii baay'een bu'aawwan

kaayyoolee waggaa ykn hojiilee galma ga'uu ykn ga'uu dhabuu isaanii agarsiisuu danda'u.

Agarsiiftuuwwan karoorsuun ykn kaa'uun dhaabbileen jijjiiramoota ykn bu'aawwan kaayyoo waggaa argaman safaruuf fayyadu.

Dhaabbileen kanneen ilaaluu akka danda'aniif:

- Dhaabbatichi kallattii sirrii irra jiraachuu fi dhabuu isaa;
- Raawwiidhaan hagam dhaabbatichi hanga deeme fi
- Gahuumsa(kaayyoo) bira gahuuf ammas hagam deemu akka barbaachisu

Dhaabbileen agarsiiftuuwwan sirrii ka'achuuf ulaagaalee armaan gadii ilaaluu barbaachisa.Agarsiiftuuwwan:

- **Bu'aarratti kan hundaa'e:** Bu'aa safaruu irratti kan xiyyeeffate ta'uu qaba
- **Qajeelchuu (kallattii kaa'uu):** Agarsiiftuuwwan waliigalatti qajeelfamoo ta'uu qabu, garuu alkallattii yoo ta'anis ni danda'ama.
- **Kan Safaramu:** kan shallagaman ta'uu qabu. Agarsiiftota walii galatti lakkoofsaan akka ibsan barbaadamu garuu yeroon itti agarsiiftonni lakkoofsa malee kaa'amanis jira.
- **Barbaachisaa:** Agarsiiftuuwwan kaayyoodhaafbarbaachisoo/walitti dhufeenya qabaachuu ykn walsimachuu qabu.

Toora Bu'aawwan Ijoo (Key Result Areas) (TBI) Adda baasuu

Toorri bu'aawwan ijoo kan nutti himan wantoota kaayyoolee waggaa milkeessuuf hojjetamuu qabanii fi kan raawwatamu tarsiimoo filatamoodhaan. Kan isaan

TBIn kan xiyyeefatan bu'aawwan irratti malee hojiilee irratti miti.

- TBIn kaayyoolee gooree hordofuu qaba
- TBInguddaa wantoota xixiqqoo of jalatti hammatu ta'uu hin qabu.
- Xinxalli ciminaa, dadhabinaa, carraalee fi yeroo (SWOT) toora Bu'aawwan ijoo ibsu.`

FakkeenyaTBI Dhaabbilee Dubartootaan durfaman/hogganaman

- Fayyadamtoota sirrii kallattiin filachuu/dubartoota
- Dandeettii qabeenya jiran haalan fayyadamuu
- Dandeettii qulqulinaan projektii raawwachuu
- Dandeettii qabeenya(resource) sassaabuu
- Caasaa dhaabbatichaa
- Guddina Hoggansaa(Dandeetti cimsuu)
- Bu'uuraalee misoomaa/babaldhisuu
- Ilaalcha dhaabbatichi hawaasa biratti qabu

Gocha 4.2:

Hirmaatota akka barreefama karoora tarsiimo'aa gocha 3:20 irratti dalagan irra deebiin ilaalan gaafadhaa.

Garee isaaniitiin barreefama karoora waggaa jalqabaa isaanii karoora karoora tarsiimo'aa irratti xiyyeefachuun qopheessuun hojii isaanii yaadhiyeessan.

5 BOQQONNAA

RAAWWII KAROORA WAGGAA SAFARUU

Yeroo: Sa'aatii 2:00

Kaayyoo: Barannoo kana booda Hirmaattonni leenjichaa



- Karoora waggaa keessatti tartiiba raawwii safaruu ni ibsu
- Barbaachisummaa raawwii safaruu galmaa fi karoora tarsiimo'aaf galmaan ga'uuf qabu ni tarreessu.
- Karoora raawwii safaruu yeroo karoora waggaaf ni qopheessu/

Tooftaa: Yaada maddisiisuu, yaadachiisuu, marii, ibsa paawor pooyeentii dhaan

Wantoota barbaachisa: Koompitara/Laptooppii,Piroojektarii,filiip-chaartiifi Markeriiwwan/qalama

Sa'aatii 1

Yaadannoo haala mijeesitootaaf:

Raawwii safaruun karoora tarsiimowaa mirkaneessuuf meeshaa ijoo dha. Karoora gaarii raawwii safaruuf qabaachuun fi madaaluun karoora tarsiimowaa karaalee kanniin galmaan ga'u:

- Wantoota safaraman haala gaariin agarsiisuu,
- Wantoota ittiin safaramu sirrii ta'an adda baasu
- Itti gaafatamummaa raawwii mirkaneesssuf. (Namoota itti gaafaltummaa fudhatan fudhatan adda baasuuf ykn beekuuf si dandeesisa/ qaamolee hojii itti kenname raawwatan akkaataa raawwii isaaniitiin.

IOSRJournalofBusinessandManagement(IOSR-JBM)e-ISSN:2278-487X,p-ISSN:2319-7668. Volume17,Issue2.Ver.III(Feb.2015),PP70-76www.iosrjournals.org

http://iosrjournals.org/iosr-jbm/papers/Vol17-issue2/Version-3/H017237076.pdfSchneieretal1991P.284

Adeemsichi dhaabbileenii fi hojjetoonni akka tarsiimoo dhaabbatichaa raawwachuuf xiyyeefatanii fi itti gaafatamummaa fudhatan dandeesisa.Raawwii ilaaluun ykn safaruun kan barbaachisu wantoota dhaabbatichi ragaalee fi odeefannoo irratti hundaa'uun funaanuu dha. Walii galatti kan fayyadu, toora bu'aawwan xiyyeefannoo safaruu fi raawwiiwwan walii galaa isaanii eessatti karoora tarsiimo'aaf akka gumaachan ykn gahee isaan bahan beekuuf.



Fakkii2: Tartiibaalee safartuu foyya'iinsaa karoora tarsiimo'aa keessatti

Akka Fakkii kanaatti:

- Tarsiimoon dhaabbataa sirnaan ibsameera: qabiyyeen tarsiimoos agarsiifameera.
- Ifaan ifatti toora xiyyeefannoo ijoo dhabbatichaa ibsameera.
- Raawwii safaruu (agarsiiftuuwwan sadarkaa raawwii hojii safaruuf nu dandeesisan)
- Toora bu'aawwan xiyeefannoo tokkon tokkoof, Seektaroota/muummeewwan/namoota dhuunfaa itti gaafatamummaa fudhatan agarsiisa.
- Toorri xiyeefannoo muuxannoo fi maloota barbaadamaniin wal simatuchuu mirkaneessu.
- Sirna kana bu'uurefachuun, haala raawwii safaruu fi foyya'insa gara fuulduratiif irratti hojjechuu.

Dhaabbileen akka armaan oliitti safartuu raawwii bu'aawwan sadarkaa hundaa qopheessuu danda'u. Gabateen kanaa gadii fakkeenya agarsiiftuuwwan safartuu raawwii ykn jijjiiramaa kan dhaabbilee mirga dubartootaa (Women's Right organization (WRO) ti Boqonnaa sadi keessatti kenname agarsiisa. The following table shows examplemeasuresorperformanceindicatorsforaWRObasedontheKRAsprovided in chapter three.

DhMD	TBI	Maaltu safarama(Agarsiiftuu)
	Fayyadamtoota xiyyeefataman (Fakkenyaa Dubartoota fi shamarran)	Qabiyyee dubartootaa fi shamarran tajaajila Xn bara murtaa'e keessatti dhaqqaban ykn tajaalilaman
	Qabeenyaawwan jiran fayyadamuu	Dhibbeentaa baajata waggaa karoora waggaa irraa fayyadamne
	Dandeettii hojjetaa	Baay'ina hojjetaa leenji'aa jiruu of Dhibbeentaa hojjetaa beekkumsa barbaachisaa dhimma murtaa'e irratti qabuu
	Qulqullina Projektii raawwachuu	Baay'ina Projektoota yerooddhaan fi qulqullina barbaadamuun xumuraman – Projektoota hunda keessaa
	Dandeettii qabeenyaa sassaabuu Mobilization	Baay'ina pirooposalota/Karooraalee gara arjoomtotaatti ergaman Baay'ina Projektootagalii/baajata argatanii

Gabatee 17: Ibsa Toora bu'aawwan ijoo

Raawwii safaruun gahee ykn hojiilee humna namaa waliin wal fakkaachuu ykn tokko ta'uu hin qabu. Raawwii waggaa fi karoora tarsiimowaa madaaluun kan irratti xiyyeefachuu qabu raawwiiwwan waliigalaa toora xiyyeefannootiin, kaayyoolee kaa'amaniin fi milkaa'ina walii galaa dhaabbataa ti. Kunis kan safaramu haala qabatamaa caasaa, sirna,muuxannoo fi hoggansa dhaabbatichaatiin.

Gocha 4.3: Hirmaatonni akka irra deebi'uudhaan karoora waggaa gocha 4:2 irratti qopheessan irra deebiin ilaalan gaafadhu. Garee isaaniitiin raawwii karoora waggaa safaruu qopheessanii yaa dhiyeessan.

Gocha 4:4. Gaafannoowwan leenjiii booda guca II irraa fayyadamaa

Maxxannee (Dabalata) I: Gaafannoo Xiinxala feedhii Karoora Tarsiimo'aadhaaf (Questionnaire for StrategicPlanningNeeds Assessment)

KAROORA TARSIIMO'AA KAROORSUU/EEGALUUN NU BARBAACHISAA?

Garee manaajimentii (hoggantoonni) dhaabbilee ykn piroojektii gaafannoo kanneen irratti hojjechuu qabu.

Himoonni kunniin kutaa lama qabuu fi deebiin kee " Shakkii malee" kutaa tokkoof garuu kan biroof miti. Kanaan booda deebii isa gad aanaa ta'etti deemi. Fakkeenyaaf,hima jalqabaa keessatti,tarii "shakkii malee" dhaabbanii kee mul'ata ifa ta'e qaba, garuu waliigaltee irratti yoo shakkii qabaatte deebii kee " Tarii ykn shaakkiin qaba jettee deebista".

Akka armaan gadiitti himoota piroojektii ykn dhaabbataa hundaaf qabxii kaa'i

1=Shakkii malee

2=Nan shakka

3=Guutumatti nan shakka

Yoo walii galatti, 20 fi sanii oli ta'e, dhaabbanni/piroojektii keessan karoora tarsiimo'aa qopheesuuf qophii dha.Yoo 15/gidduu15fi20/ ta'e dhaabbanni keessan karoora tarsiimo'aa irraa fayyadamuu danda'a. thenyourorganizationprobably wouldbenefitfromastrategicplanningprocess.Yoo 15 gadi ta'e,muddamni hin jiru, garuu akka qajeelfamaatti dhuma karoora tarsiimo'aa darbee booda waggaa 3-5tti karoora tarsiimo'aa qopheessuu qabda.

Hima	Shakkii hin qabu	Nan shakka	Guutumatti shakkii qaba
Dhabbanni/pirojektiin mul'ata raawwachuuf bira ga'uuf karoorfate fi ifa ta'e ni qaba akkasumas walii galteen kana irratti ni qabaata.			
Dhimmi dudhaalee dhaabbatichaa/piroojektii yeroo hunda irratti ni mar'atamu akkasumas waliigalteen isaan irratti ni jira.			
Himni mul'ata dhaabbataa/piroojektii yeroo amma jiru kallattiin kan ibsu waan dhaabbatichi/piroojektichi hojjetuu, eenyuuf fi maaliif barbaachisa kan jedhuu dha.			
Dhaabbanni/piroojektiin idileedhaan cimina, hanqina, carraalee jiran fi rakkoolee naannoo irratti ibsa ni kennu ykn ni ibsu.			
Dhaabbanni/piroojektiin waan raawwatu galmaa fi kaayyoolee ifa ta'e ni qaba isaanis SMART dha.			
Dhaabbanni/piroojektiin wantoota dursi kennamuufii qaban haala salphaa ta'een, wanta dirqamatti hojjetamu, wantoota hojjetamanii fi hojjetamuu barbaachisan adda baasu.			
Dhaabbanni/piroojektiin agarsiiftuuwwan jijjiiramoota hojii isaanii ittiin safaramu ifa ta'an ni qaba.			
Haalli dhaabbanni/piroojektiin ittiin caaseeffame ga'umsaa fi bu'aa qabeessummaadhaan gaarii dha.			
Hojiileen dhaabbatichaan/Piroojektiin hojjetaman gara garaa tokkon tokkoo isaanii kan biroo waliin wal simatu			
Haalli naannoo keessoo fi ala dhaabbatichi/piroojektiin keessatti hojjetu yoo ilaallamu tasgabaa'aa fi waan bara darbee irraa waan jijjiirame hin jiru.			

Qabxii walii galaa :_____

Maxxanneell: Gaafilee Leenjii duraa fi booda leenjiitoota dhuunfaatiin guuttamu

Gaafileenkunniin hirmaatonni adeemsa karoora tarsiimo'aa keessatti akka of qopheessanii isaan gargaara. Akkasumas leenjiin dura hubannoo fi beekkumsa leenjitootaa, dabalataan immoo jijjiirama leenjiin booda dhufe xinxaaluuf akka meeshaatti ni tajaajila.

1. Karoora tarsiimo'aa (KT) akkamitti hiikta ykn siif maali?

□ KTn adeemsa waan dhaabbileen gara fuulduratti ta'an akeekuu dha.

□ KTn adeemsa dhaabbilee fi kutaalee isaaniitiif kaayyoo kaa'uu ti.

□ KTn hojiilee guyyaa guyyaan raawannudha.

□ SPis theroadmapof theorganization.

2. Hima kamtu waa'ee Karoora tarsiimowaa sirrii miti?

□ Karoorri tarsiimowaan humna namaa barbaada

□ Karoorri tarsiimowaan qabeenya maallaqaa gaafata.

□ Karoorri tarsiimowaan adeemsa.

□ Karoorri tarsiimowaan gocha yeroo tokko qofa.

□ Karoorri tarsiimowaan hordofamuu fi Madaalamuu qaba.

3. Dhaabbanni keessan karoora tarsiimowaa qabaa? Eeyyen/Miti

4. Deebii keessan gaaffii 3ffaa armaan olii "eyyeen" yoo ta'e, Karooricha eenyutu qopheesse? Hojjetaa dha moo gorsaa alaa ti?

Hojjetootaan qopheefame…….Gorsaa alaatiin qopheefame……

5. Akkaataa hubannaa keetiitiin barbaachisummaa karoora tarsiimowaa, dhugumatti dhaabbata keessaniif ni barbaachisaa? Eeyyen ni barbaachisa……Miti, hin barbaachisu…….

6. Namoota biroo waliin garee karoora tarsiimo'aa dhaabbata keessanii ta'uu fi gahee kee ba'uuf fedhii qabdaa? Eyyen/Miti

7. Dhimmooni karoora tarsiimo'aa dhaabbata keessanii(hatamtamaa,yeroo fi dursi kennamuu fi qabu) maali fa'a?

8. Waggoottan sadeen darban naannoo keessan/dhaabbata keessaniin alatti taateewwan raawwatamanii fi dhaabbata keessan irratti dhiibbaa fiduu danda'an maal fa'a?

9. Wantootni gufuuwwan dhaabbata keetii ta'uu danda'an jettee yaaddu maali fa'a?

10. Wantoonni dhaabbanni kee akka carraatti waggoottan dhufan itti fayyadamu jiruu?

11. Akka yaada keetti hanqinni/ dadhabinni dhaabbata keeti maali?

12. Akka yaada keetti, ciminni dhaabbata keetii maali?

13. Dhaabbanni keessan karoora tarsiimowaa yoo qabaate, Mul'anniii fi ergamni amma jiran karoora tarsiimo'aa yeroo dhufuu waliin wal gitu ykn wal simatu jettanii yaadduu? Eeyyen/Miti

14. Rakkooleen ykn gufuuwwan dhaabbata keetii waggoottam darban yeroo karoora tarsiimoowaa waggaa 3-5

- □ Galma gad aanaa/sirrii hin taane kaa'uu
- □ Abbuummaa dhaabuu
- □ Jijjiirama fiduu hin dandeenye
- □ Namoonni tarsiimoodhaan wal hin qunnamne/agarre
- □ Safartuun hin jiru ykn agarsiiftuuwwan hoganan.

15. Yeroo adeemsa karoora tarsiimo'aa dhaabbata keessanii karoorsitan wantoonni ni ta'u jettanii yaaddan maali fa'a?

16. Akka yaada keetti,wantoonni sodaa karoora tarsiimo'aa keessatti xiyyeefannaa argachuu qaban maali fa'a?

17. Adeemsa karoora tarsiimo'aa keessatti wanti barbaachisaa dha jettee yaaddu fi namoota birootti himuu barbaaddu yoo jiraate?

Maxxannee III: Hiika Galmoota Kan murtaa'e,kan safaramu,kan bira ga'amu, dhugoomu fi yeroon kan daanga'e (SMART)

Kan murtaa'e (Specific): Galma murtaa'e kaa'uuf, gaaffilee 6n kanaa gadii deebisuu qabda.

- **Eenyu** - Eenyutu hirmaate?
- **Maal** - Maal raawwachuu barbaanna?
- **Essa** - Iddoo adda baasi.
- **Yoom** - Yeroo murtaa'e kaa'i.
- **Kam** - Ulaagaalee fi hudhaalee adda baasi.
- **Maaliif** - sababoota murtaa'an adda baasi, fayidaalee raawwii galma kaa'amee.

Kan Safaramu (Measurable): Ulaagaalee jijjiiramoota safaruuf dandeesisan hundeessi. Yeroo raawwiiwwan/jijjiiramoota safartuu, guyyootan wal qabatee, jijjiiramni yoom akka dhufu beekuu qabdu, hojiilee fi carraaqiiwwan gaarii hojjetamuu qaban beekuu qabdu.Gaaffilee kanneen of gaafachuu qabdu, Hagami?Baay'inni isaanii meeqa fi akkamitti galma keenya ga'uu beekna?

Kan dhaqabamu (Attainable) : Galma keessan yoo adda baastanii fi akkamitti akka milkaa'uu yoo beektan, akkamitti akka bira ga'amu,akkasumas carraaqiiwwan barbaachisanis ni ilaaltu.

Kan dhugoomu (Realistic): Kan dhugoomu ykn amansiisaa ta'uuf, galmi keessan kaayyoolee raawwachuuf barbaachisan bakka bu'uu qabu. Sababni isaa, galma keessan olaanaa kaa'uu qabdu, kana jechuun kan hin dhugoomne ta'uu hin qabu jechuu dha. Yeroo fi humna galma kee raawwachuu dandeessa.

Yeroodhaan kan murtaa'e (Timely):akka armaan oliitti ibsametti yeroon barbaachisaa dha. Galmi kamuu yeroo yoo hin qabaanne hin raawwatamu.Galmi hunduu yeroo sirriitti dangefame keessatti kaa'amuu qabu.

Maxxannee IV: Moodeelii Jijjiirama Korniyaa Misooma Dhaabbilee (Gender Transformative Model of Organizational Development (GTMOD)

GTMOD (Gender Transformative Model for Organizational Development)

Moodeeliin Jijjiirama Korniyaa Misooma Dhaabbilee (GTMODn) kan qindeefameef/qophaa'eef:

- Moodeelota walii galaa dursuudhaan/qajeelchuudhaan qajeeltoowwan falmatoota mirga dubartootaa (feminist) waliin walitti qindeessuun sagantaalee keessatti galu. Moodeliin kun piroojektoota deeggaruu fi moodeelota leenjiiwwanii irra caalaa boca/caasaa tokko garuu moodeelota hunda gita. Meeshaa leenjistoonii giddu galeessaa (CTCs) dhaabbilee dubartootaa wajjin fayyadamanii dha.
- Dhaabbilee dubartootaa (WOs) tiif akka meeshaa barnoota dhimma misooma falmiitota mirga dubartootaa (feminist) fi cimina dhaabbileen hojii isaanii keessatti piriinsiploota ykn duudhaalee falmitoota mirga dubartootaa itti fayyadamaa jiran calaqisiisa. .
- Dhaabbilee PIA karoorsuu fi raawwachuu
- Ragaa (document) hunduu argachuu danda'u, miira hiriyummaa fi raawwatamu kan danda'u fi hojjetoota hedduuf kan ta'uu dha.

Hirmaatota/fayyadamtoota Moodeelii Jijjiirama Korniyaa Misooma Dhaabbilee (GTMOD)n lamatu jira. **Isaanis**

1. Dhabbilee dubartootaa (WOs) Sagalee dubartootaa fi hoggansaa(Women Voliece and Leadership(WVL) keessatti hirmaatan
2. Hojjetoota Sagalee dubartootaa fi hoggansaa (Women Voliece and Leadership (WVL), gorsiisota, deeggartoota ijoo deeggarsa kamuu gochuudhaan leenjiiwwan adda addaa dhaabbilee dubartootaaf kennan- kun leenjistoota giddugaleessa/ijoo (CTCs) of keessaa qaba.

Yaadannoo: Moodeeliin Jijjiirama Korniyaa Misooma Dhaabbilee (GTMODn) kan qophaa'eef dhaabbileen piroojektii Sagalee dubartootaa fi hoggansaa (Women Voliece and Leadership (WVL) tiif garuu pilaan internaashinaal fi falmatoota mirga dubartootaa ykn dhaabbilee dubartootaa keessatti hojii irra oolchuun gahee fi dandeetti olaanaa qaba.

Caasaalee Moodeela Jijjiirama Korniyaa Misooma Dhaabbilee (GTMOD) Muummeewwan Shan

1. GTMOD: Bulchiinsaa fi Tarsiimoo Hoggansaa (Governance and Strategic Leadership):

Qajeeltoowwan Moodeelii Jijjiirama Korniyaa Misooma Dhaabbilee (GTMODn) yoo misooma dhaabbalee keessatii hojii irra oole maal fakkaachuu danda'a?

- Muldhannii fi ergamni dhaabbatichaa kutannoo korniyaa walqixxummaa of danda'e hammateera.
- Bulchiinsi fi gaggeessitoonni dhaabbataa damaqinaan carraalee mijaataa fi hunda galeessa ta'e uumu. Gaaffileen fi fedhiin hojjetootaa fi tola ooltotaa hoggansa dhaabbatichaatiin fudhatama argatu, kallattii dhaabbatichaa agarsiisuuf fi qajeelfamoota fi tarsiimoowwan qopheessuuf
- Adeemsi fi murteewwan hooggansa fi tarsiimoowwanii qulqulluu ykn ifa galeessa akkasumas hojjetootaa fi qooda fudhatootaaf mijaataa dha.
- Hoggansii fi bulchiinsi dhaabbataa kan hundeefame namoota dhuunfaa yaada hawaasaa calaqisiisanii fi eenyummaa hawaasa tajaajilan irraayi.
- Hoggansii fi bulchiinsi dhaabbataa sagalee mirga dubartootaa fi walqixxumaa korniyaa afaa isaaniitiin qaamolee keessaa fi ala dhaabbatichaatiif ergaa dabarsuu.
- Dubartoonni garagarummaa ykn heddumina isaanii keessatti carraa guddachuu, deeggaramuu, jajjabeefamuu qabu fi gita hooggansa dhaabbataaf ni kadhimamu.
- Hojjetoonni gita isaaniitiin osoo hin dangefamin yaada isaanii ifaan ifatti akka ibsatanii fi hooggansaaf haala mijataa kenna.

2. GTMOD: Hooggansa Namootaa fi Aadaa

Qajeeltoowwan Moodeelii Jijjiirama Korniyaa Misooma Dhaabbilee (GTMODn) yoo misooma dhaabbalee keessatii hojii irra oole maal fakkaachuu danda'a?

- Walqixxummaa korniyaa fi hedduminaa (diversity) hojjetootaa fi gita hoggansaa keessatti fiduuf tarsiimoowwanii fi gochoota hojii irra oolchuu.

- Duudhaaleen hunda hirmaachisan fi hojjetootaa fi tola ooltota hundaaf eeggumsa taasisu, cunqursaa korniyaa irratti hundaa'e kan hin qabne fi walqixummaa walkabaja fi hirmaachisummaa jira.
- Hoggansi namootaa fedhii fi rakkoolee hojjetootaatiif itti gaafatummaa qaba. Fakkeenyaaf, iddoo hojii mijaataa uumuu
- Aadaan hojii dhaabbatichaa namoonni dhuunfaa yaada isaanii akka ibsatan ni jajjabeessa akkasumas ilaalcha heddumina ni fida.
- Hojjetoota, tola ooltota fi warri hooggansa irra jira, bakka bu'oota hawaasaa dhaabbatichaa ti (saala, umrii, saba/amantaa,dandeettii fi kkf).

3. GTMOD: Hooggansa Qabeenya Mallaqaa

Jijjiiramni Korniyaa qajeeltoowwan mormitoota mirga dubartoota(Feeministii) kan hojii irra oolan toora misooma dhaabbilee kanneen irrattii?

- Maallaqa ramaduun haala sirrii ta'een qajeeltoowwan fi ergama dhaabbilee gargaaruun karaa ogummaa fi investmentii wal qixxummaa korniyaa jajjaabeessuun fi carraa aadaa hojii uumuu qabu.
- Iftoominaa fi itti gaafatamummaan hoggansa faayinaansii adeemsota birootiin wal qixa ilaallamu, Hooggansi faayinaansii gaarii fi itti gaafatamummaa qabu qooda fudhatoota hundaaf , hojjetootaaf, fayyadamtootaaf fi hawaasaaf ifa ta'uu qaba.

4. GTMOD: Hoggansa Sagantaa:(Programme Management)

Jijjiiramni Korniyaa/ duudhaleen Feeministii kan hojii irra oolan toora misooma dhaabbilee kanneen irrattii?

- Hirmaachisummaa: Sagaleen dubartootaa, shamarranii, hirmaatota ijoo sagantaa piroojektii karoorsuu keessatti hammatamu. Filannoon,yaadni, fi fedhiin isaanii adeemsichaaf/karoorichaaf furtuu dha.
- Bu'aaleen fi kaayyooleen kan agarsiisan waa'ee haqummaa hawaasaa fi raawwii walqixummaa korniyaa ti.
- Dubartoonni fi shamarran damaqinaan yeroo raawwii ni hirmaatu, fudhatoota deeggarsaa ykn tajaalilaa qofa ta'uu hin qaban.
- Dhaabbileen hojiilee dubartootaa fi shamarran gahoomsuuf gumaachan akkasumas aangoo irra deebii caasessuu hojjetu.
- Bu'aaleen walqixxummaa fi Gahoomsuu kan safaraman akkaataa adeemsichi aangoo jijjiiruu ti. Fkn, ragaa hamma qabeenya to'aachuu funaanuu, hirmaannaa murtee murteessaa keessatti, bakka bu'ummaa caasaalee mootummaa keessatti. .
- Hordoffii fi Madaallii hirmaatota kan hirmaachisu kanneen akka ragaa funaanuu, sakkata'uu, bu'aa isaa ibsuu akkasumas beekkumsa maddisiisuu keessatti.

5. GTMOD: Hirmaanna alaa fi Hariiroo:

Moodeeliin Jijjiirama Korniyaa Guddina Dhaabbilee (GTMODn) kan inni raawwatamu toora misooma dhaabbilee kanneen irratti

- Dhaabbanni damaqinaan miseensota hawaasaa fi hirmaatota waliin karaalee idlee, mijataa fi hawaasa gahoomsuun ni hojjeta. Isaanis: dubartoota, shamaran, shariika (deeggartoota) kalattii fi al kallattii fi qooda fudhatoota.
- Dhaabbatichi walqixummaa korniyaa fi dubartoota gahoomsuuf caasaa beekkamaa(hariiroo fi networkii gaarii) ta'ee fi ciminaan gahee bahaa jira.
- Tokkummaan (waliigalteen) mormitoota mirga dubartootaa haarawa waliin godhame fi dhaabbileen dargaggootaa akka isaan leenjisaanii fi sosochii guddina walqixxumaa korniyaa ariifachiisa.
- Sosochii mirga dubartoota fi walqixummaa korniyaatiif sagalee fi bakka bu'aa mul'ataa ta'uu
- Sabqunnamtiin/hariiroon miidiyaalee dubartootaa fi shamarran fayyadamuun hojjetu.

Maxxannee V: Qooda Fuudhatoota adda baasuu (Stakeholders mapping)

Tarkaanfii 1: Garee keetiin, qooda fudhatoota dhaabbata keessanii hunda yaadachuudhaan eegalaa (qaamolee dhaabbata keessaniin dhiibbaan irra gahuu danda'an irratti xiyyeefadha. Maqaa tokkon tokkoo qooda fudhatootaa yaadannoo keessan irratti barreessaa ykn garee qooda fudhatoota Write the name of each stakeholder (or each stakeholder group) onto a sticky note. Eegaluuf akka isiniif ta'a gaaffilee armaan gadii fayyadamaa.

- Eenyutu dhaabbata keessan irratti fedhii qaba?
- Eenyutu dhaabbata keetiin dhiibbaan irra gahuu danda'a? (Kallatii gaariin ykn gaarii hin taaneen)? (Yaadadhu isaan kun dhaabbilee fi namoota ta'uu malu)
- Dorgomtoonni keessan eenyu?
- Eenyutu kufaatii dhaabbata keessaniif sababa ta'uu danda'a?
- Eenyutu dhaabbata kee irratti dhiibbaa uumuu danda'a(karaa gaariin ykn gaarii hin taaneen) (Miidiyaalee fi qooda fuudhatoota keessa hin dagatin)
- Qaamoleen tasgabeesitoonni xiyyeefannoo argachuu qaban jiruu? (Fkn Seektaroota mootummaa sadarkaa hundaa, Yuuniyeenota,tasgabeesitoota, qaamolee seeraa fi kkf)
- Qooda fudhatoonni ykn gareen dagattee jiruu? (Namoota ati waa'ee isaanii dhageessee fi akka tasaa dagatte yoo jiraatan?

Tarkaanfii 2: Qooda fudhatoota keessan (yaadannoo keessan irraa) gara saanduqaatti dabaluun iddoo galuumsa isaaniitti galchaa.

1. **Fedhii Olaanaa/Dhiibbaa olaanaa (Saanduqa gara mirgaa isa olii):** Isaan kun qooda fudhatoota keessan ijoo dha. Qooda fudhatoota milkaa'ina projektii keessanii irratti dhiibbaa fidanii dha. Qooda fudhatoonni kun kallattiin hirmaachu qabu. Hirmaannaa kee garee kanneen waliin olaanaan ka'amuu qabu.
2. **Fedhii gadi aanaa/Dhiibbaa olaanaa (Saanduqa mirgaa gara gadii):** Akka garee kanaatti dhaabbatan keessan irratti dhiibbaa uumuu danda'u, feedhii isaanii dhugumaan guutuu mirkaneessaa. Gareen kun hirmaannaa hagas mara hin barbaadan garuu hirmaannaa keessanitti quufuu qabu. .
3. **Fedhii olaanaa/Dhiibbaa gadi aanaa) (Saanduqa gara olii bitaa):** Garee kana akka yeroo hunda dhimma isaanii beeki akkasumas odeeffannoo wayitawaa qabaadhu. Isaan waliin dubachuun yeroo hundaa waa'ee dhaabbata keessaniif yaada fi duubdeebii kennuuf ni fayyadu.
4. **Fedhii gadi aanaa/dhiibbaa gadi aanaa (Saanduqa gadii- bitaa):** Gareen dhiibbaa fi fedhii gadi aanaa projektii keessan irratti qabu garuu isaani hin dhiisin ykn hambisin. Waa'ee projektii kee isaan hubachiisi kanaan booda isaan keessa yoo gara garee biraatti ce'anii yoo ta'ce yeroo yerootti isaan hordofi.

Tarkaanfii 3: Hojii keessan miseensota garee keessanii waliin irra deebi'aa ilaala. Qooda fudhaatoota olaanoon hafuu dhabuu isaanii fi qooda fudhatoonni adda baastan iddoo sirriitti galuu isaanii mirkaneessaa. Al tokko yoo itti amantan ramaddii kana hirmaannaa fi tajaajila wal qunnamtii isaan waliin gochuuf fayyadamaa.

Kaartaa Qooda fuudhatoota

Fedhii Olaanaa/Dhiibbaa gadi aanaa

Xiyyeefannaa kennuufii hubadhu

Fedhii olaanaa/Dhiibbaa Olaanaa

Taphatoota ijoo – Itti dhiheenyaan hirmaachisuu

Fedhii gadaanaa/Dhiibbaa gadi aanaa

Qooda fudhatoota hordofi

Fedhii gadi aanaa/ Dhiibbaa olaanaa

Itti quufinsaa itti fufii fedhii isaanii guuti

Maxxannee/Dabalata VI – Tartiiba Gabateewwanii

Gabatee 1.Tarsiimoo irratti https://onstrategyhq.com/resources/strategic-planning-process-basics/ (hamma tokko kan madaqafame)..... 12
Gabatee 2: Maatiriksii Xiinxala Qooda Fudhattootaa..... 23
Gabatee 3: Maatiriksii Fedhii fi Dhiibbaa Qooda fudhattootaa 23
Gabatee 4: Maatiriksii Hirmaannaa Qooda Fudhattootaa..... 23
Gabatee 5: Fakkenya Xiinxala Haalaa (SWOT) 24
Gabatee 6: Guca Maatiriksii Xiinxala haalaa..... 25
Gabatee 7: Gabatee Xiinxala Haala Alaa 28
Gabatee 8: Gabatee Xiinxala Haala Keessoo..... 29
Gabatee 9: Gabatee dhimmoota tarsiimo'aa sadarkeessuu..... 32
Gabatee 10: Tarree dhimmota ijoo tarsiimo'aa..... 33
Gabatee 11: Gabatee Walitti Hidhamiinsa Cimina, Dabina, Carraa fi Hudhaalee (SWOT) 36
Gabatee 12: Gabatee Bu'a Qabeessummaa Sadarkeessuu 37
Gabatee 13: Samuda/fakkeenya Karoora Gochaa Tarsiimo'aa 37
Gabatee 14: Xiinxala karoora Humna Namaa 48
Gabatee 15: Karoora baajataa waggoota sadii- shanii 49
Gabatee 16: Karoora qabeenya meeshaalee waggaa 3-5..... 49
Gabatee 17: Ibsa Toora bu'aawwan ijoo..... 57

MaxxanneeVII– Tarree Fakkiiwwan

Fakkii1.Hariiroowwan tarsiimoo safaruu/bikkuu

Fakkii2.Sadarkaalee (tarkaanfiiwwan) raawwii karoora tarsiimo□aa keessatti safaruu

Wabiilee (References)

Barry Dalal-Clayton and Steve Bass. (2009).*A GUIDE TO ENVIRONMENTAL MAINSTREAMING:* IIED 3 Endsleigh Street, London WC1H 0DD, UK. www.iied.org

Caspar F.van den Berg. *Strategic Planning for Political Parties*: A Practical Tool.

Keeping Children Safe. (2021). is your organization doing all it can to keep children safe?[Online] Availableat:<https://www.keepingchildrensafe.global/>[Accessed15 September 2021]

The United Nations Economic and Social Council (ECOSOC). (July1997) Wien.gv.at. (2021). *Thefiveprinciplesofgendermainstreaming*:[Online]Availableat:<https://www.wien.gv.at/english/administration/gendermainstreaming/principles/five-principles.html> [Accessed15September 2021].www.environmental-mainstreaming.org

Wabiilee (References)

Barry Dalal-Clayton and Steve Bass. (2009).A GUIDE TO ENVIRONMENTAL MAINSTREAMING: IIED 3 Endsleigh Street, London WC1H 0DD, UK. www.iied.org

Caspar F.van den Berg. Strategic Planning for Political Parties: A Practical Tool.

Keeping Children Safe. (2021). is your organization doing all it can to keep children safe?[Online] Availableat:<https://www.keepingchildrensafe.global/>[Accessed15 September 2021]

The United Nations Economic and Social Council (ECOSOC). (July1997) Wien.gv.at. (2021). Thefiveprinciplesofgendermainstreaming:[Online]Availableat:<https://www.wien.gv.at/english/administration/gendermainstreaming/principles/five-principles.html> [Accessed15September 2021].www.environmental-mainstreaming.org

PILAAN INTARNAASHINAAL

Pilaan Intarnaashinaal Itiyoophiyaaan dhaabbata mirga shamarranii ti. Kaayyoon keenyas jireenya shamarran miliyoona 100 gutummaa adunyaatti argaman jijjiiruun kanaanis nageenyii isaanii kan eegame, kan baratan fi dinagdeen anga'an gochuun addunyaa caalmaatit wal qixummaan keessatti mirkanaa'ee uumuu dha. Kanaafis danqaawwan shamarran fi dubartootni dargaggeeyyiin dandeetti isaanii gutummaatti akka hin fayyadamne taasisan qulqulleessaa jirra.

Bara 1995 A.L.A irraa eegalee Pilaan Intarnaashinaal shamarran, dubartootni dargaggeeyyi, fi michootni isaanii mirga fi egeree isaaniif akka dhaadheessan gargaaruuf Itiyoophiyaa keessatti hojjechaa turera. Dhimmootni dhaabbatichi dursa keennuufis loogii shamarran irratti raawwatamuf sababoota hundee ta'an akka furamaniif daa'imman fi dargaggoota deggeruu, fi sadarkaa bulchiinsa gad aanaa irraa hanga biyyaattis jijjiirama imaammataa fi hojmaata adeemsisuu dha. Hojiin pirograamoota keenyaas, danqaawwanii fi hariroo angoo wal qixa hin taanee kan saxilamummaa dargaggootaaf sababa hundee ta'an kan furani dha. Hojii keenyaafis maloota adda aaddaa fayyadamna. Kunneenis, hirmaannaa hawwaasaa; dhiiroota dargaggeeyyi fi ijoollee wajjin hojjechuu; gahee hirmaannaa dargaggootaa guddisuu; dandeettii qooda fudhattootaa ijaaruu; akkasumas sadarkaa dhaabbileetti jijjiirama imaammataa dhaadheessuu dha.

Pilaan Intarnaashinaaliin Itiyoophiyaa keessatti hojii bal'aa kan qabu yoo ta'u, naannoowwan Oromiyaa, Amaaraa, Kibba Itiyoophiyaa, Gaambeellaa, Beenishaangul Gumuz, Affaar, fi Magaalaa Finfinnee dabalatee naannolee 11 keessatti hojjeta. Pilaan Intarnaashinaal Itiyoophiyaan Rakkoo Kaaba Itiyoophiyaatti mudateef deebii kennuuf waajjira isaa Tigraayitti hundeessees hojetaa jira.

Pilaan Intarnaashinaal Itiyoophiyaa
Teessoon Waajjira Muummee
Kutaa Bulchiinsa Magaalaa Qiirqoos; Kompleksii Ziquwaalaa dudduuba Riil Isteetii Adaamaa irra
L.S.P 5696 Finfinnee, Itiyoophiyaa
L.B. 251-115571916

/planinternationalethiopia
/planethiopia
@planethiopia